

Kitaaba Kanaaf Kunuunsa Cima Taasisi

Kitaabni barataa Kun qabeenya mana barumsaa keetiti. Qabeenyi mana barumsaa kee ammoo, Kan keeti. Qabeenyi Kun akka hinbanne ykn hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen kurnan armaan gadii si gargaaru.

1. Kitaabicha gaazexaa, waraqaa, laastikaafi wkf haguugi.
2. itaabicha yeruma hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu Waraqaa ykn kaardii qulqullina qabuutti fayyadami.
6. Fuula kitaabichaa tarsiisuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
7. Fuulli tarsi'ellee yoo jiraate suphi.
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, Akka hintarsiisane of eeggadhu.
9. Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban Akeekkachisi.
10. Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala irraatti dubbisturra kaa'i.

Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.

Barnoota Og-Aartii

Kitaaba Barataa

Kutaa 5^{ffaa}

Qopheessaan

1. Abdataa Abrahaam(Bsc)

Gulaaltoota:

1. Sisaay Ijjiguu Biqila(Bsc)
2. Fiqaaduu Fufaa Ejjetaa(Bsc)

Madaalaa:

1. Tseggaayee Hundee(BA)

Qindeessaa:

1. Roobii Waamii(MA)

Saxaaxa:

Koolleejjii Pooliiteeknikaa Inxxxoo



**Ful. 2014
Finfinnee**

Biirroo Barnoota Bulchiinsa Magaala Finfinnee

Galata

Qophii Kitaaba Barnoota kana jalqaba irra kaasee bifa adda ta'een fi fakkeenyummaa qabuun akka hojjatamu muuxxanoo fi gahumsaa geggesummaa olaanaa qabaniin yaada marii burqisiisuu, yaada fooyyaa'a qophii kana milkeessu dhiyeessuun yeeroo jalqabaatiif akka Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti kitaabni barnoota barsiisotaan akka qophaa'u murteessuu, baajeta eeyyamsiisuu fi naamusa gaariidhan hogganamee akka xummuraaf gahu kan taasisan Hogganaa Biiroo Barnootaa Bulchiisa Magaalaa Finfinnee *Obbo Zalaalam Mulaatuu* galata guddatu isaaniif mala.

Hojiin keenya akka milkaa'uuf Yeeroo hundumaa hoggansa kennuu, rakkoowwan numudatan battalatti furuu, raawwii qophii kitaabaa hordofuu fi gamaaggamuun nu jajjabeessaa kan turan Itti Aanaa Hogganaa Biiroo Barnootaa fi geggeessan Sirna Barnootaa *Obbo Adimaasuu Dachaasaa*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Saamson Mallasee*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Daanyoo Gabruu* I/G/Waajjira Biiroo *Obbo Sisaay Indaalee*, Goristuu waliigalaa Hogganaa Biiroo *Addee Abbabach Nagaash* fi Gorsaa Teekinikaa *Obboo Dasitaa Marishaa* gahee ijoo ta'ee ba'achuun xiyyeefanno hojichaaf kennanii nu bira dhabbachuun nu jajjabeessa fi rakkoof furmaataa kenna waan turaniif galatatu isaaniif mala.

Dhuma irratti qophii kitaaba barataa fi qajeelcha barsisaa jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisuu gochuun hojiin kana caalu hin jiru jechuun milkaa'ina agramme kan tumsan *Hooggantoota mana barumsaa* galata qabdu.

Qopheessitoota Kitaabaa

Table of Contents

Seensa.....	1
BOQONNAA 1.....	3
1. ELEMENTOOTTA BARNOOTTA AARTII GOCHAA FI AGAREE.....	3
1.1 Elementoota Ogummaalee Aartii Mul'too Fakkii.....	4
1.1.1 Tuqaa (Point).....	5
1.1.2 Sarara (Line)/1D.....	5
1.1.3 Boca (Shape)/2D.....	8
1.1.4 Foormii (Form) /3D.....	8
1.1.5 Bakka (Space).....	9
1.1.6 Halluu (colour).....	9
1.1.7 Lallaafinaafi jajjabeenya/qulqullina qaamaa wantootaa (Texture) fi k.k.f.....	13
1.1.8 Gurraachummaa fi Assenyummaa(value).....	14
1.1.9 Hangaafi Madaala(Proportion).....	14
1.2 Elementoota/Ruqoolee Muuziqaa.....	16
1.2.1 Yeedaloo (Melody).....	17
1.2.2 Rukutta (Rhythm).....	17
1.2.3 Qindoomina Sagalee (Harmony).....	19
1.2.4 Teempoo (Tempo).....	19
1.2.5 Halluu/Qulqullina Sagalee (Timber).....	20
1.2.6 Mi'aayina Sagalee (Pitch).....	21
1.2.7 Mallattoolee Daayinaamiksii.....	21
1.2.8 Qulqullina Sagalee (Texture).....	21
1.2.9 Boqonnaa (Silence).....	22
1.2.10 Yeroo Turtii (Durational Time).....	22
1.3 Elementoota/Ruqoolee/ Bu'uuraa Tiyaatiraa.....	24
1.3.1 Taato.....	24
1.3.2 Daawwatoota.....	24
1.3.3 Qopheessaa.....	25
1.3.4 Bakka Agarsiisaa(Tiyaatiraa).....	25
1.3.5 Galteewwan/Meeshaalee/ Ogummaa Tiyaatiraa.....	26
1.3.6 Barreeffama (Og-barruu Tiyaatiraa).....	26
1.3.7 Tooftaalee/Mala/ Salphaa Waraabbii Suur-Sagalee.....	26
1.3.8 Waraabbii Suur-Sagalee Dhiheenya.....	27
1.3.9 Waraabbii Suur-Sagalee Giddu Galeessaa.....	27
1.3.10 Waraabbii Suur-Sagalee Fageenyaa.....	27
1.3.11 Waraabbii Suur-Sagalee Waliigalaa.....	27
2. Yaada Cuunfaa.....	28

BOQANNAA LAMA.....	31
2. MIIRA KALAQAA.....	31
2.1 Maqaa fi Nootalee Muuziqaa.....	32
2.1.1 Gabatee Barreeffamaa/Istaafii/ Muuziqaa.....	33
2.1.2 Nootalee Muuziqaa Istaafii Irratti Barreessuu.....	34
2.1.3 Sararoota Gargaartuu (Ledger Lines).....	34
2.1.4 Istaafii Guddaa/Great staff/ (Grand staff).....	35
2.1.5 Furtuwwan Istaafii/Kileefii/(clefs).....	35
2.1.6 Maqaa fi Bakka Duwwaa Istaafii.....	36
2.1.7 Mallattoolee Tasaa Sagalee Muuziqaa (Accidental's sign).....	39
2.1.8 Mallattoo Agarsiisa Yeroo (Time Signature).....	40
2.1.9 Sarara Qooddii (Bar line).....	41
2.1.10 Mallattoo Irra deddeebii.....	42
2.2 Moozaayikii Waraqaa fi Maxxansa Bilooketii /Moosee/.....	44
2.2.1 Moozaayikii Waraqaa.....	44
2.2.2 Wal-qabsiistuu.....	46
2.2.3 Maxxansa Dinnichaa(Moosee).....	48
2.3 Uffata (costum) Qabannaa (props) Fayyadamuun Tiyaatira Aartii.....	50
2.3.1 Uffata.....	50
2.3.2 Taatoota Sag-maleeyyii.....	54
BOQONNAA SADII.....	60
3 DHAAMSA BARNOOTA AARTII GOCHAA FI AGAREE.....	60
3.1 Gosoota Sirbaa fi Shubbisa Aadaa Hawaasaa.....	61
3.1.1 Faaruu fi Sirboota Aadaa Qabiyyeewwan Adda Addaa Irratti Dhiyaatan.....	61
3.2 Gosoota Ogummaawan Mul'atoo Seenaa Aartii Holqaa fi Diba Halluu Adda Baasuu.....	70
3.2.1 Seenaa Ogummaa Aartii Holqaa fi Diba Halluu.....	70
3.3 Seeneffama Aadaa Himuu.....	73

BOQONNAA AFUR.....	78
4. BEEKSISUU (PROMOTING).....	78
4.1 Garaagarummaa fi Wal-fakkeenya Adeemsa Yaada Aatii Sochii Qaamaa Irratti.....	79
4.1.1 Ogummaawwan Mul’atoo.....	79
4.1.2 Gochaalee Hawaasaa.....	79
4.1.3 Gochaalee Aadaa.....	80
4.1.4 Meeshaalee Ogummaa Harkaa Aadaa.....	86
4.2 Faayidaa Ogummaawwan Mul’atoo fi Hojii Ogummaa Mukaa(craft) Hawaasa Keessaa.....	87
4.2.1 Faayidaa Ogummaawwan Mul’atoo fi Ogummaa Harkaa.....	87
4.2.2 Ogummaalee Aadaa Hawaasaa.....	95
BOQONNAA SHAN.....	99
5. WAL-QABSIIISUU (CONNECTION).....	99
5.1 Agarsiisuu: Sirboota, Shubbisa, Tiyaatira Waa’ee Tiraafikaa, HIV fi Araada Miidhaa Qaqqabsiisanii fi Qoricha Humna Dabalataa Kennan.....	100
5.1.1 Balaa Tiraafikaa.....	100
5.1.2 HIV Eedsii.....	103
5.1.3 Qorichoota Sammuu Namaa Hodoochan.....	105
5.1.4 Shubbisa.....	110
5.1.5 Agarsiisa(Diraamaa).....	110
5.2 Ibsituu fi Mallattoolee Eenyummaa Hawaasaa (Asxaa (Faajjii) Loogoo fi.....	115
5.2.1 Ibsituu fi Mallattoolee AddaAddaa.....	115
5.2.2 Asxawwan/Loogoowwan Dhaabbileen Daldaalaa fi Dameewwan isaanii Itti Fayyadaman.....	117
5.2.3 Mallattoolee Kallattii Qarqara Daandii Fi Tiraafikaa.....	119
5.2.4 Mallattoolee Kallattii fi Ragaalee.....	120

Seensa

Barnoonni meeshaa furtuu guddinaa fi jijjiirrama hawaasa keessatti fidu keessaa isatokkodha. Akkasumas barnoonni bu'aa fi gahee barbaachisaa yoo taphate imaammata barnootaa gaarii ta'e uuma. Karaa biraatiin barnoonni imaammata barnootaa malee kan hin yaadamneedha. Haa ta'u malee qopheessuuf dhiibbaa guddaa uumuun barbaachisaadha.

Barnoonni Itoophiyaa keessatti dhiibbaawwan garagaraa geessiseera. Rakkooleen gurguddoo imaammata darbanii kan of keessatti haammate; hanqina barbaachisummaa qabiyyee, ulfaatina waliin gahinsaa fi qabiyyeewwan humnaa olii kitaabilee barnootaa keessaa, hanqina mala baruu- barsiisuu, giddu galeessaa fi hojiirra oolmaa madaallii walitti fufaa kufaatii ijoo imaammataa ture.

Dhimma irratti ministeerri barnootaa madaqinsa caasaa barnootaa; akkuma beekkamu caasaa imaammata barnoota waliigalaa Itoophiyaa /Ethiopian General Education Curriculum Framework (EGECF)/ bara 2020 qopheesse. Kun ammoo bu'aa ogeessota biyyaalessaati. Kan inni irratti xiyyeeffatu akeekaa fi kaayyoo bu'aa fi qajeelfamoota, gahumsa, naannoo barachuu fi gosa barnootaa, yeroo barnootaa, meeshaalee imaammataa fi meeshaalee deeggarsa, mala baruu- barsiisuu fi Tarsiimoo, tooftaalee madaallii, qindoominaa fi madaalliin dhimma xiyyeeffannoo biyyoolessaati.

Caasaa kana keessatti Barnoota Aartii Gochaa fi Agaree /Performing & ViSual Art (PVA)/ akka gosa barnoota tokkootti adda bahuun akka kennamu ta'eera. Hirmaannaan Barnoota Aartii Gochaa fi Agaree Ogummaawwan ilmaan namootaa olaanoodha.

Kana irratti hundaa'uun Beektoonni hedduun kanneen akka: Grant Venerable, John Dewy, Confucius, Kwabena Nketia fi kkfn, guddina nama dhuunfaa fi hawaasaaf xiyyeeffannoo guddaa akka qabu ibsaniiru. Akeekni Barnoota Aartii Gochaa fi Agaree barnoota waliigalaa keessatti karaa wal-fakkaataa ta'een ceesisuu ykn qindoomina bu'uura hawaasaa irraa kan hafe fedhiwwan dhuunfaa addaa qindeessuu fi amansiisuudha.

Akkasumas barnoota ogummaa biroo beekumsa dabarsuu fi guddina karaa naannawaa argamsiisuuf gahumsa bal'aa qabaachuun hojiirra oolmaa gahaa argamsiisuudha. Barnoota Aartii Gochaa fi Agaree akka gosa barnootaatti ogummaawwan mullatoorratti hundaa'an: Muuziqaa, Shubbisa, Tiyaatira fi ogummaawwan fiilmiiti. Kunis kan qophaahe: Barnoota Idileen Duraa (BID) 1- 2 fi sadarkaa 1^{ffaa} 1-8 ti. Kunis kan qophaa'u; barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uun caasaa imaammata barnootaa addatti yaa'insa qabiyyee, gahumsa barachuu (MLC) fi silabasii Barnoota idileen duraa /BID 1-2 fi sadarkaa 1^{ffaa} 1-8 tiif qophaa'eera.

Imaammata kana bocuu(qopheessuu) keessatti hirmaattonni beekumsa gahaa qaban Muuziqaan, shubbisaan, ogummaawwan mullattoon (Visual Arts) Tiyaatira fi ogummaawwan fiilmiin qooda fudhataniiru. Qophii imaammata wixinee sadarkaa 1^{ffaa} booda yaada dhimmamtootaa fi hirmaattotaan dhiyaateen irratti waliigalameera. Qophii meeshaalee imaammata barnootaa kana keessatti wal bira qabuun kan barbaachiseef; madaallii kennuu fi garaagartummaa naannoo gidduu jiru madaqsuu dandeessisuun; kaayyoo qabatamaa kitaabilee keessaa gabbisuudha.

Yeroo qophiin kun jalqabee kaasee; gosti barnootaa kun biyya keenyaaf haarawa. Adeemsi qaaccessuu(calaluu) akka itti fufu ni abdatama. Meeshaaleen imaammata barnootaa qabeenya hojiirra oolmaa imaammataa fi qindoomina qajeelcha muuxannoowwan barnoota sadarkaa 1^{ffaa} irraa gara sadarkaa 2^{ffaatti}.

Meeshaalee imaammataa barbaachisoo (murteessoo) ta'an Yaa'insi qabiyyee (flowchart), gahumsa barachuu (MLC), ragaa silabasii, kitaabilee barnootaa fi qajeelcha barsiisaa hojiirra oolmaa barnoota ogummaawwan Aartii Itoophiyaati.

Barnoota Aartii Gochaa fi Agaree sadarkaa kanatti fakkeessuun qabiyyee ogummaa mullattoo (visual Art), muuziqaa, shubbisa, Tiyaatira, fiilmii, saxaxa/design/ fi teeknooloojii ammayyaati.

Boqonnaa 1

ELEMENTOOTTA BARNOOTA AARTII GOCHAA FI AGAREE

Xumura mata duree kana booda:

- ☞ Elementoota ogummaalee aartii gochaa fi agaree ni addeessita.
- ☞ Faayidaa elementoota ogummaalee aartii gochaa fi agaree ni hubatta.
- ☞ Elementoota muuziqaa adda addaa hubachuun ni qayyabata.
- ☞ Elementoota Tiyaatiraa ni addeessita.
- ☞ Mala salphaa waraabbii suur-sagalee eenyuu faa akka ta'an addaan baasta.

Seensa

Mata duree boqonnaa kanaa qabxiilee gurguddoo afuritti qooduun akka hubataniif dhiyaatanii jiru. Isaanis: Elementoota/ruqoolee ogummaawwan aartii mul'atoo, Elementoota/ruqoolee/muuziqaa, Elementoota/ruqoolee/Tiyaatiraa fi Tooftaalee salphaa waraabbii suur-sagalee faa dha. Ogummaalee aartii gochaa fi agaree kan jedhaman muuziqaa, fakkii fi tiyaatira yeroo ta'an elementoota tokkoon tokkoon isaaniif ibsi gahaan kutaa barannoo kana jalatti kennameera.

Gaaffilee Hubannoo Qabiyyeen Duraa

1. Elementootni ogummaalee aartii gochaa fi agaree meeqa? Tarreessi.
2. Hangi ogummaalee aartii gochaa fi agaree keessatti akkamin ibsita?

1.1 Elementoota Ogummaalee Aartii Mul'too Fakkii

Xumura barannoo kanaan booda:

- ✓ Elementoota/ruqoolee ogummaalee mul'atoo ni tarreessita.
- ✓ Maalummaa tokkoon tokkoon elementoota aartii mul'atoo ni ibsita
- ✓ Elementoota ogummaalee aartii mul'atoo sassalphaa walitti qindeesuun fakkii uumuun ni agarsiista.
- ✓ Gosoota sararaa adda addaa addaan baasta.

Barnootni ogummaa aartii gochaafi agaree yeroo kennamu wixineen tokko akkamitti hojjetama? Qabxiileen hojii wixinee gaarii ta'e tokkoo elementoota ogummaa aartii gochaafi agaree kanneen of keessatti kan haammateedha.

Ogummaalee aartii gochaafi agaree kamiifuu Og-barruun, wixineen, dibni halluu, fotoogiraafiin, ... k.k.f. bu'uuraa fi hundeedha. Ogeessi waa uumuu tokko yaada isaa gochaan agarsiisuuf gabatee gurraacha, waraqaa, kaanvaasii/shaaraa fi k.k.f irratti elementoota ogummaalee aartii gochaafi agaree qabiyyee adda addaa qaban qindeessuun galchoo isaati. Elementoonni kunis kanneen armaan gaditti tarreeffamanidha.

1.1.1 Tuqaa (Point)

1.1.2 Sarara (Line)/1D

1.1.3 Boca (Shape)/2D

1.1.4 Foormii (Form) /3D

1.1.5 Bakka (Space)

1.1.6 Halluu (Color)

- 1.1.7 Lallaafinaafi jajjabeenya/qulqullina qaamaa wantootaa (Texture) fi k.k.f
- 1.1.8 Gurrachummaa fi addeenyummaa (value)
- 1.1.9 Hangaa fi madaala (proportion)

Gilgaala 1.1.

- 1. Qabxiileen wixinee gaarii ta'e tokkoo maal maal faadha?
- 2. Elementoota ogummaalee aartii mul'atoo tarreessi.
- 3. Sararoonni bu'uuraa eenyuufaa akka ta'an ibsi.

1.1.1 Tuqaa (Point)

Tuqaan ka'umsa waan hundaati. Tuqaan sarara uumuu keessatti qabxii ishee jalqabaati. Qaama xiqqaa sararaati. Daayimeenshinii ykn kallattii hin qabu. Hojjaa, dalgee fi bal'ina ykn qabee hin qabu. Hojii aartii keessatti ifaa fi gaaddisa ittiin uumuuf gargaara.

1.1.2 Sarara (Line)

Meeshaalee ogummaa aarti gochaafi agaree keessaa isa tokkoofi isa jalqabaa ti. Sararri sochii tuqaaleen taasisaniin mallattoo uumamu yeroo ta'uu dheerina, furdinaa, qal'inaafi kallattii mataa mataa isaanii qabu.

Sararoota Bu'uuraa (Basic Lines)

Sararoota bu'uuraa kan jedhaman kanneen armaan gaditti tarreeffamaniidha.

- ▣ Sarara Dhaabbii/Dhaabbataa (Vertical Line)
- ▣ Sarara Dalgee (Horizontal Line)
- ▣ Sarara Muraa/Shaffaxaa/ Diagonal Line)
- ▣ Sarara Golboo (Curved Line)
- ▣ Sarara Maramaa (Spiral Line)
- ▣ Sarara Zigzaagii (Zigzag Line)
- ▣ Sarara Danbali'aa (Wave Line)
- ▣ Sarara geengoo (circle)
- ▣ Sarara molooloo (oval shape)



Sarara Dhabbataa (Vertical Line)



Sarara Dalgee (Horizontal Line)




Sarara Muraa/shaffaxaa (Diagonal Line)




Sarara Golboo (Curved Line)



Sarara Maramaa (Spiral Line)




Sarara Danbali'aa (Wave Line)



Sarara molooloo




Sarara Zigzaagii (Zigzag Line)



Sarara geengoo

Gosoota Sararaa

Gosootni sararoota bu'uuraa lamaa. Sararootni bu'uuraa lamaan armaan olitti tarreeffamanii ykn fakkeeffamanii argitan kunniin wal-tutuuquu fi kallattii isaanii jijjiiruun kan uumamaniidha. Sararootni kunniin sarara dhaabbataa (vertical line) fi sarara golboo (curved line) yeroo ta'an sararoota qajeelaa fi qajeelaa hin taane kan bakka bu'aniidha.



Sarara Dhaabbataa (Vertical Line)



Sarara Golboo (Curved Line)

Gilgaala 1.2.

1. Amalootni sararoota bu'uuraa maalfaa akka ta'an irratti mari'aadhaa?
2. Dhuunfaan hojii sararoota bu'uuraa hojjechuu shaakaluun barsiisaa keessanitti agarsiisaa.

Wantoota Barbaachisan:

- ▣ Qubeessaa wixinee B1, B2, B3 K.k.f. (B'n gosa qubeessaati)
- ▣ Waraqaa adii hanga adda addaa qaban A0, A1, A2, A3, A4, ...k.k.f. (A'n akaakuu waraqaati)
- ▣ Haqxuu
- ▣ Murtuu fi k.k.f.

Duraa Duuba Adeemsa Hojichaa

- ▣ Sararoota adda addaa beekan sarartoo osoo hin fayyadamni sararuun akka shaakalan gochuu.
- ▣ Shakala sararootaa yeroo raawwatan meeshaalee deggeersaa irraa wallaba ta'uun waan ta'eef haqxuu fayyadamuun hin barbaachisu.
- ▣ Gosa sarara isin rakkisee barsiisaan keessan akka isiinitti agarsiisu gaafadha.



Gocha 1.1.

- Waraqaa irratti qubeessaa qofa fayyadamuun hojii sararootaa shaakali.

1.1.3 Boca (Shape)/2D


Bocawwan bu'uura daayimeenshinii lama qaban (2D)/Basic shape / kan jedhaman bu'aalee qindoomina sararootaa yeroo ta'an bocawwan diriiroo ykn battee ta'an adda addaa ti.

Fkn: Sarara geengoo (circle), Rog-afree (Rectangle)




Fakkii: Bocawwan bu'uura Daayimeenshinii lama qaban /2D/ Basic shape/

Fkn: Boca rog-afree wal-qixaa (Square), Rog-sadee(Triangle),



Boca rog-afree wal-qixaa (Square)




Rog-sadee(Triangle),


Fakkii: Bocawwan bu'uura Daayimeenshinii lama qaban /2D/ Basic shape/

1.1.4 Foormii (Form) /3D

Bocawwan bu'uura kunniin daayimeenshiinii sadii kan qaban yeroo ta'uu, hojjaa (height), dheerina (length)fi qabeen/nafti(width) safaroo isaanii ti. Kana jechuun ful-duraan, cinaan, gubbaan mul'achuu kan danda'u ta'ee hojjetamuu isaa ti.



Fkn: Saanduqa/Box/





Piraamdii/Koonii/

Fakkii: Bocawwan bu'uura Daayimeeshinii sadii qaban/3D/ Basic form/

1.1.5 Bakka/ Space /

Amalootni bu'uura lamaan bakka/space/ adda taasisan jiru. Kunis ogummaalee aartii gochaafi agareef bu'uura kan ta'e dibni halluu waan tokko haala salphaan hubachuuf akka dandeenyu kan taasisuudha.



Fakkii: Bakka /Space/

1.1.6 Halluu / colour/


Akkuma beekamuu addunyaan kun yeroo uumamte gosoota halluwwanii Biliyyoonaan lakka'amaniin kan haguugamteefi miidhagdeedha. Waantoonni naannoo keenyaatti argaman hunduu; jechuun gaarreewwan, lageen, sululawwan, bosonawwan, manneen, allaattiwwan, bineensotni bishaaniifi dachee irratti waantoonni nam-tolcheefi uumamaa argaman hunduu halluwwan adda addaan kan miidhaganiidha. Waa'ee maalummaafi amaloota halluwwan kanneenii beekuuf qindoomina halluwwan kanaa beekuun barbaachisaadha.

Halluwwan Uumamaa/Bu'uura (primary color/

Halluwwan uummamaa kunniin halluu sadarkaa 1^{ffaa} jedhamuun beekkamu. Kana malees halluwwan kunniin halluwwan biroo walitti makuun argachuun hin danda'amu.

Isaanis:


- o Diimaa
- o Keelloo
- o Cuquliisa



Halluuwwan Sadarkaa lammaffaa/Secondary color/

Halluuwwan sadarkaa 2ffaa argachuuf halluuwwan sadarkaa 1ffaa walitti makuu qabna.

- ▣ Diimaa + Keelloo = Burtukaana
- ▣ Keelloo + Cuquliisa = Magariisa
- ▣ Diimaa + Cuquliisa = Daadhii Wayinii



***Fakkii:** Halluuwwan Sadarkaa Lammaffaa/ secondary Color /*

Halluuwwan Sadarkaa Sadaffaa/Tertiary colour/

Halluuwwan sadarkaa sadaffaa jechuun halluuwwan sadaraa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} hanga isaanii wal-qixxeessuun walitti makuu kan uumaman yeroo ta'u baay'innii fi lakkoofsi isaanii kanneen armaan gaditti eeramaniidha.

$$\text{Diimaa} + \text{Burtukaana} = \text{Diimaa} - \text{Burtukaana}$$


$$\text{Keelloo} + \text{Magariisa} = \text{Keelloo} - \text{Magariisa}$$

$$\text{Diimaa} + \text{Daadhii wayinii} = \text{Diimaa} - \text{Daadhii wayinii}$$

$$\text{Cuquliisa} + \text{Daadhii wayinii} = \text{Cuquliisa} - \text{Daadhii wayinii}$$

$$\text{Cuquliisa} + \text{Magariisa} = \text{Cuquliisa} - \text{Magariisa}$$

$$\text{Keelloo} + \text{Burtukaana} = \text{Keelloo} - \text{Burtukaana}$$



Gilgaala 1.3.

1.3.2 Waa'ee qindoomina halluuwwanii irratti gareen erga mari'attaniin booda

barsiisaa keessaniif ibsaa.

1.3.2 Halluuwwan sadarkaa tokkoffaa meeqa? Maqaa isaanii tarreessaa,


1.3.2 Qindoomina halluuwwanii hojjechuun gosoota isaanii addaan baasaa.

Meeshaalee Barbaachisan:

- * Halluu bishaanii
- * Dibduu halluu bishaanii
- * Waraqaa halluu bishaanii /Chart paper/
- * Pilaasteera waraqaa
- * Filannoowwan kanneen biroo kan akka halluu, paastilii, paastilii haphiifi k.k.f. fayyadamuun ni danda'ama.



Dibduu Halluu Bishaanii




Waraqaa Halluu Bishaanii

Fakkii: Meeshaalee Diba Halluu Adda Addaa Agarsiisan

Duraa Duuba Adeemsa Hojiichaa

- * Halluu fi dibduu halluu bishaanii qopheeffatan bishaan qulqulluu waliin qopheeffachuu.
- * Waraqaa irratti hojjetamu diriirsuun qopheessuu.
- * Dibduu halluu bishaanii fayyadamuun halluuwwan bishaaniin waliin makuun qindoomina halluu barbaadanii qopheessuu.
- * Halluuwwan qophaa'an waraqaa qophaa'e irratti dibuu.

Walitti makama halluu barbaadanii uumuu danda'uu mirkaneessuu



Fakkii: Qindoomina Halluuwwanii

Gilgaala 1.4.

1. Halluuwwan sadarkaa lammaffaa halluuwwan bu'uraa sadarkaa tokkoffaa irraa maaliin addaan baha?
2. Walitti makama halluuwwaniif meeshaaleen ykn wantootni barbaachisan maal faadha?
3. Walitti dhufeenya uumamaa fi halluuwwan gidduu jiruu tarreessi

Barattoota naannoo keessan naanna'uun erga daawwattaniin booda mallattoolee ykn loogoowwan fi fakkiwwan fanniifamanii jiran akkasumas beeksiisawwan, halluuwwanii fi wixineewwan adda addaa xiyyeeffannoon erga qo'ataniin booda barattoota daree waliin erga irratti mar'attaniin boda yaada ijoo marii irra geessanii barsiisaa keessaniif dhiyeessaa



Gocha 1.2.

1. Halluuwwan sadarkaa tokkoffaa halluun uumuun agarsiisaa.
2. Halluuwwan sadarkaa lammaffaa hulluun walitti makuun uumaa.

1.1.7 Lallaafinaafi jajjabeenya/qulqullina qaamaa wantootaa (Texture) fi k.k.f

Amalli uumamaa bifaa fi boca waan tokkoo kan maaliitii jechuuf elementoota bu'uura ogummaalee aartii gochaa fi agaree keessaa inni tokko lallaafinaa fi jajjabina waantoota ijaan ilaaluun addaan baasuuf gargaaraniidha. Fakkeenyaaf: Amaloota lallaafinaa fi jajjabinaa waantoota uumamaa ijaan ilaaluun addaan baasuun ni danda'ama.

Kana malees, waantoota lallaafinaa fi jajjabina qabanii ija keenya dunuunfannee harkaan qaqqabuun isaa lallaafaa ta'e lallaafaa akkasumas isa jajjabaataa ta'e ammoo jajjaabataa jechuun addaan baasu akkuma dandeenyu fakkiidhaanis kana agarsiisuu ni dandeenya.




Fakkii: Lallaafinaafi Jajjabina /Texture/

1.1.8 Gurraachummaa fi Addeenyummaa/value /

Mala ifummaa fi gaaddisummaa halluuwwanii itti ibsinuudha. Kana jechuun ogummaalee aartii gochaa fi agaree keessatti yaadaa fi miira waantoota sirritti ibsuuf adeemsi ifaa fi gaaddisaa /value/ baayyee barbaachisaadha.


Fakkeenyaaf: Hojii ogummaa aartii gochaa fi agaree hojjennu tokko keessatti yeroo isaa ibsuuf adeemsi ifaa fi gaaddisaa /value/ ibsitoota ol-aanoodha. Akkasumas bifa waan tokkoo ibsuuf ykn fakkeessuuf ifaa fi gaaddisa uumuuf gaheen adeemsi ifaa fi gaaddisaa /value/ ol-aanaadha.



Fakkii: Adeemsa Ifaa fi Gaaddisaa/ value /

1.1.9 Hangaafi Madaala/ Proportion /

Waraqaalee ykn waantoota wixinee keenya irratti hojjennu irratti hanga wantootaa haala ija keenyaan arginuun sirritti madaalamee taa'uu qaba. Malli kun hangaa fi madaala jedhamee beekama.



Fakkii: Hangaa fi madaala / Proportion / Agarsiisu

Armaan olitti akkuma ibsamee meeshaaleen bitaafi mirga jiran hanga isaanii madaalamee inni guddaan isaa xiqqaa waliin garaagarummaan qaban bifa wal- madaaleen kan taa'aniidha.

Mala Hojii Hangaafi Madaalaa

Namaafi bineensotni, wantootni naannoo keenyaatti argaman hanga adda addaa qabu. Wantoota kanneen tokkoon tokkoon ykn qindoominaan hojii fakkiin yeroo teesisnuu hunduu madaala ofii fi walii isaanii eegatanii yoo hojjetaman hojiin hojjetamu dhugummaa isaa ibsuu ira darbee miidhaginas akka qabaatu taasisa.

Duraa Duuba Adeemsa Hojii Hanga fi Madaalaa

- * Namoota, bineensotaafi wantoonni adda addaa bakka itti argaman deemuun walitti dhufeenyaa fi garaagarummaa hanga isaanii ilaalaa.
- * Mala ykn haala kamiin hangaa fi madaala wantoota naannoo keessaani addaan baasuun fakkeessuuf akka isin gargaaruuf fakkeenya armaan gadii kana ilaalaa.



Fakkii: Fakkii meeshaalee hangaa fi madaala isaa eeggate agarsiisu /Proportion /

Gilgaala 1.5.

1. Hiika Hangaafi Madaalaa /Proportion/ irratti gareen erga mari'attaniin booda barattoota dareef ibsaa.
2. Wantonni isin wixineen hojjetan hanga adda addaa qabu. Hanga fi madaala isaanii eeguun teechisuuf maal gochuu akka qabdan irratti gareen mari'aadhaatii qabxiilee marii irra geessan barsiisaa keessaniif dhiyeessaa.

Gocha 1.3.

1. Wantoota lallaafinaa fi jajjabina /Texture/ agarsiisan keessaa waan lallaafina agarsiisu tokkoo fi jajjabina agarsiisu tokko filachuun ibsaa.
2. Meeshaalee/wantoota qindoomina lallaafinaa fi jajjabina uumamaa fi nam-tolchee qaban tarreessaa.

Gocha 1.4.

- I. Lallaafinaa fi jajjabinni /Texture/ waraqaa fi qubeessaa irraa jalqabuun wantoota adda addaatiin hojjechuun barsiisaa keessanitti agarsiisaa.
- II. Meeshaalee madaala isaanii eegatan adda addaa walitti qindeessuun waraqaa irratti hanga waraqichaa waliin wal madaalchisuun qubeessaan erga hojjetanii booda barsiisaa keessanitti agarsiisaa.

1.2 Elementoota/Ruqoolee Muuziqaa

Elementoota (ruqoolee) muuziqaa jechuun hojii muuziqaa tokko hojjechuufis ta'ee qindeessuuf wantoota akka bu'uuraatti jiraachuu qabanidha.

1. Yeedaloo (Melody)
2. Rukutta (Rhythm)
3. Qindoomina Sagalee (Harmony)
4. Teempoo (Tempo)
5. Halluu/Qulqullina Sagalee (Timbre)
6. Mi'aayina Sagalee (Pitch)
7. Mallattoolee Daayinaamiksii
8. Qulqullina Sagalee (Texture)
9. Boqonnaa (Silence)
10. Yeroo Turtii (Durational Time) fi k.k.f.

Xumura kutaa barannoo kanaan booda:

- * Elementoota/ ruqoolee/ muuziqaa ni tarreessita.
- * Elementoota/ruqoolee/muuziqaa ni ibsita.
- * Nootaalee fi boqonnaalee muuziqaa dubbisuu ni shaakalta.

Muuziqaan haala itti fayyadama malleen ogummaa bu'uura ta'an adda addaa kan of keessaa qabuufi seeraan qinda'anii miira ibsuu caalaa adeemsa baruufi barsiisuu keessatti akka barattoonni haala salphaa fi qabataman qabiyyeewwan barannoo adda addaa hubatan gochuuf gargaara.

1.2.1 Yeedaloo (Melody)

Kutaa muuziqaa baay'ee bal'aa ta'eefi kan kallattiin muuziqaan wal-qabatuudha. Lubbuu muuziqaa ti, jedhamuunis beekama. Yeedaloon qindoomina duraa duuba sagalee sammun fudhachuu danda'uu ti. Kutaan yeedaloo ritiimiin, faaruwwan sasalphaa fi foormiin akka mi'aayina sagalee keessa jiraatu kan taasiisu yeroo ta'uu, mi'aayina sagalee (pitch) jechuun ol-ka'iinsaafi gad-bu'iinsa sagalee jechuudha. Yeedaloon sagalee tokko irraa gara sagalee biraatti fageenya ykn tarkaanfii dheeraan fagaachuufi dhiyyaachuu kan danda'uudha. Tarreeffama sagaleewwan qindoomina qabaniti. Yaa'insa sagalee duraa duuba isaa eegachuun qindaa'ee fi kan gurra namaatti toluudha.

1.2.2 Rukutta (Rhythm)

Haala yeedaloo irratti hundaa'uun addemsa sagaleewwanii yeroo turtii isaaniin kan hogganuudha. Rukuttaan nootaalee fi boqonnaaleef yeroo turtii isaanii eeguun taphachuuf kan gargaaraniidha. Nootaalee fi boqonnaaleen yeroo turtii ykn rukutta wal-qixxa qabu. Fakkeenyoota armaan gadii sirritti raawwachuun gatii nootaalee ykn rukutta addaan baasuuf gargaara.

Rukutta Tarkaanfii: raawwii rukutta tarkaanfii keessatti ka'umsa daa'imaaniif bu'uura waan ta'eef gahee ol-aanaa qaba. Sababi isaa ammoo tarkaanfiin sochiin daa'imman jalqaba raawwatan waan ta'eef. Tarkaanfiin bakka tokkoo gara bakka biraatti sochoo'uuf luka wal jijjiiruun gocha kan hirmaachiisu ta'uu akka qabu hubachuun barbaachiisaadha. Tarkaanfii muuziqaa keessatti yeroo ilaalluu haala walqixxatee fi sadarkaa walqixa ta'een miila sirnaan yeroo waliin bakka bakkatti jijjiiruun sochuudha.

Rukuttaan Tarkaanfii nootaa nuusaan yeroo raawwatamu(ibsamu)

2			
4	1 2	1 2	1 2
Ykn	Gi-Qa	Gi-Qa	Gi-Qa

Rukuttaa Fiigichaa

Rukuttaan figiichaa rukutta tarkaanfii irra haalan kan ariifatuun sochii ibsamu ykn raawwatamuudha. **Fakkeenya:** Kutaa figiichaa keessaa tokko kan ta'e figiicha susuukaa bakka dhaabbannuu irraa miila lamaaniin dabaree dabareen wal jijjiiruun sochii fiigicha raawwtamuudha.

Rukuttaan Figiichaa noottaan yeroo bakka buufamu.

Fakk.



Rukuttaa Firinciisiisuu

Fiigicha, tarkaanfii fi utaalcha gad-aanaa of keessatti qabata. Kunis gosa tokko kan ta'e ce'umsa rukutta tarkaanfii uttaalchaa fi yeroo waliin qindeessuun daa'immaniif gammachuu uuma. Rukuttaan utaalchaa walumaagalatti kutaalee qaamaa si'aawaa taasiisa. Gosni rukuttaan kun yeroo jalqabamu miila tokko qofaan utaaluun shaakaluu fi yeroon booda miila wal jijjiiruun ni raawwatama.

Rukuttaan Firinciisiisuu noottaaleen yeroo raawwatamu



1.2.3 Qindoomina Sagalee (Harmony)

Sagaleewwan sadii fi isaa ol ta'uun yeroo itti qindoomaniidha. Qidoominni sagalee sagaleewwan muuziqaa torban irraa kan hundeeffamu yeroo ta'uu muuziqaa uumuuf sagalee sadii fi isaa ol gaafata. Muuziqaan inni xiqqaan sagalee sadii irraa hundeeffama.

Sagaleewwan kuniin gosa garaagaraa qabu. Fkn:

Sagaleewwan dhala namaa furdinaa fi qal'ina isaa irratti hundaa'uun bakka afuritti qoodamu. **Isaanis:**


1. **Suuppiranoo (Supirano)** – Sagalee qal'aa dubaraa
2. **Altoo (Alto)** – Sagalee qal'aa giddu-galeessaa dubaraa
3. **Tinoorii (Toner)** – Sagalee Furdaa giddu-galeessa
4. **Beezii (Bez)** – Sagalee furdaa

1.2.4 Teempoo (Tempo)

Meeshaa adeemsa ariitii sagalee ittiin safaruuf gargaaruudha. Yeedaloo faaruu ykn sirba tokkoo yeroo dhaggeeffannu yeedaloon sun akka namatti toluu fi miidhagina qabaatuuf yeroo ariitii murtaa'aa qabaachuun ariitii isaa eegatee akka faarfamu ykn sirbamu wantoota taasisan hedduu keessaa muraasni isaanii qajeelfamoota adeemsa ariitii sagalee ti. Isaan kunis daqiiqaa tokko keessaatti baay'ina ariitii qabaachuu qaban kan agarsiisaniidha. Mallattoolee meetironoomii (metronomes beats per minute /bpm/) armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

Fakkeenyaaf:  = 60

Afaan Xaliyaaniin	Afaan Ingiliiziin	Afaan Oromoon	Aritii Rukuttaalee Daqiiqaan (bpm).
<i>Largo</i>	Very, very slow	Ariitii baay'ee baay'eesuuta qabeessa	40–60
<i>Larghetto</i>	Very slow	Ariitii baay'ee suuta qabeessa	60 – 66
<i>Adagio</i>	Slow	Ariitii suuta qabeessa	66–76
<i>Andante</i>	Moving a long	Ariitii dheerina qabu	76–108
<i>Moderato</i>	Fast, and quick,	Ariitii cimaa	108 – 120
<i>Allegro</i>	Fast, and quick	Ariitii baay'ee cimaa	120–169
<i>Presto</i>	Fast	Ariitii baay'ee cimaa	169 – 200
<i>Prestissimo</i>	Very fast	Ariitii baay'ee baay'ee cimaa	200




Fakkii: Teempoo

Gabateen armaan olii haala itti fayyadama mallattoo meetironoomii dhiyaatee haala itti fayyadama safara ariitii kan agarsiisuufi hanga rukuttaa yeedaloo taphatamu kan safaru ykn agarsiisuudha.

1.2.5 Halluu/Qulqullina Sagalee (Timber)

Sagaleewwan uumamaa dhala namaan ykn sagaleewwan meeshaalee muuziqaan qindaa'an gidduutti garaagarummaafi qulqullina sagalee jiruudha. Kunis haala armaan gadiitti akka fakkeenyaatti dhiyaateen halluu /qulqullina sagaleen fallaanaa qabu meeshaa muuziqaa ammayyaa Filuut Rikoordeeriin sagalee dhala namaa waliin akkasumas sagaleen dhala namaafi meeshaa muuziqaa ammayyaa Vaayooliniin ariitii hollannaa sagalee qaban kan agarsiisuudha.



Fakkii: Qulqullina Sagalee (Timber)

1.2.6 Mi'aayina Sagalee (Pitch)

Adeemsa hanga ol ka'insaa fi gadi bu'iinsa sagalee kan ittiin safarruu fi ibsinuu dha.

1.2.7 Mallattoolee Daayinaamiksii

Hanga ol ka'iinsaa fi gadi bu'iinsa sagalee akkasumas lallaafina sagalee murteessuuf malleen gargaaraniidha.

Gabateen armaan gadii mallattoo fi ajaja isaan qaban kan agarsiisuudha.

Jecha Gabaabaa	Maqaa Afaan Xaaliyaaniin	Maqaa Afaan Ingiliiziin	Hiikaa Ajaja Isaanii ykn
<i>p</i>	piano	soft	Sagalee qal'aa
<i>f</i>	forte	loud	Sagalee furdaa
<i>mf</i>	mezzo-forte	Moderately loud	Sagalee furdaa giddu-galeessa
<i>mp</i>	mezzo-piano	Moderately soft	Sagalee qal'aa giddu-galeessa
<i>pp</i>	pianissimo	very soft	Sagalee baay'ee qal'aa
<i>ff</i>	fortissimo	very loud	Sagalee baay'ee furdaa
<i>fff</i>	fortississimo	more very loud	Sagalee baay'ee baay'ee furdaa

Gabatee: Mallattoolee ol-ka'iinsaa fi gad-bu'iinsa Sagalee Bakka bu'an

Agarsiisan

1.2.8 Qulqullina Sagalee (Texture)

Muuziqaa sagaleewwan qindoominaafi wal-ta'iinsa qabaniin taphachuudha.

1.2.9 Boqonnaa (Silence)

Boqonnaan adeemsa faaruu ykn yeedaloo taphachuu keessatti hafuura fudhachuuf mala taphaa itti fayyadamnuudha. Mallattooleen muuziqaa boqonnaa yeroo faaruun faarfamu bakeewwan itti callisamu fi boqonnaan itti fudhatamu gabatee muuziqaa irratti barreessanii agarsiisuuf taphachuuf kan tajaajilan mallattoolee boqonnaa jedhamu. Nootaaleen sagalee muuziqaa martii mallattoolee boqonnaa gatii isaaniin wal-gitan qabu.



Fakkii: Boqonnaa (Silence)

1.2.10 Yeroo Turtii (Durational Time)

Sagaleewwan akkaataa gatii nootaalee fi boqonnaaleen gatii wal-qixxeen yeroo gabaabaafi dheeraan barreeffamoota barreeffaman kan ittiin taphannuudha. Nootaalee fi boqonnaaleen mallattoolee barreeffamaa mataa isaanii fi gatii turtii mataa mataa isaanii akkasumas akkaataa waamama maqaa mataa mataa isaanii qabu. Kana malees akkaataa ykn mala dubbifamaa ofii isaanii qabu.

Fakeenyaaf nootaalee sagaleen “Ta” ykn “Pa” jechuun kan dubbifaman yeroo ta’uu boqonnaaleen sagalee malee gatii ykn yeroo turtii nootaaleen qaban waliin wal-qixa qabachuun ni taphatamu. Gabateen armaan gadii maqaa nootaalee fi boqonnaalee rukuttaa ykn yeroo turtii isaanii fi mallattoolee isaan bakka bu’an kan agarsiisaniidha.

Mallattoolee Nootaa(Sagalee)	Maqaa Nootaalee	Mallattoolee Boqonnaa	Maqaa Boqonna alee	Rukutta/ Yeroo Turtii
	Nootaa Guutuu		Boqonnaa Guutuu	4
	Nootaa Walakkaa		Boqonnaa Walakkaa	2
	Nootaa Nuusaa		Boqonnaa Nuusaa	1
	Nootaa $\frac{1}{8}$		Boqonnaa $\frac{1}{8}$	$\frac{1}{2}$
	Nootaa $\frac{1}{16}$		Boqonnaa $\frac{1}{16}$	$\frac{1}{4}$

Gabatee: Gabatee yeroo turtii fi gatii nootaalee fi boqonnaalee muuziqaa

Gilgaala 1.6.


1. Elementoota muuziqaa fi faayidaa isaani tarreessaa
2. Nootaalee fi boqonnaa muuziqaa gatii isaan qabaniin taphachuun agarsiisaa.
3. Mallattoolee ol ka'insaa fi gad-bu'insa sagaleewwan muuziqaa murteessan tarreessuun ibsaa.
4. Mallattoolee ariitii sagalee muuziqaa bakka bu'anii fi ibsan tarreessaa.
5. Maqaa nootaalee fi boqonnaalee muuziqaa armaan gadii ibsaa.



6. Maqaa nootaalee armaan gadii barreessaa.



7. Nootaalee armaan gaditti istaafii irratti mallattoolee tuqaa tuqaan tarreeffaman maqaa isaanii barreessaa.



1.3 Elementoota/Ruqoolee/ Bu’uuraa Tiyaatiraa

(Taatota, Daawwattoota, Qopheessaa, Bakka Agarsiisaa/ Tiyaatiraa, Galteewwan/Meeshaalee/ Ogummaa Tiyaatiraa, Barreeffama /Og- barruu Tiyaatiraaa fi k.k.f.

Xumura kutaa barannoo kanaan booda:

- * Elementoota bu’uuraa tiyaatiraa ni tarreessita
- * Maalummaa elementoota bu’uuraa Tiyaatiraa ni ibsita
- * Tiyaatira sasalphaa hojjechuun ni agarsiista.
- * Tiyaatira sasalphaa hojjechuu danda’uu keetiin ni gammadda.

Elementoota/ruqoolee jechuun akka wanti tokko uumamuuf sababa kan ta’an yeroo ta’uu, kana jechuun qabiyyee fi boca waan uumamee tokkoo murteessuuf akkasumas maalummaa waan uumamee kan ibsan ta’anii waan uumamuu sana keessatti kan argamaniidha. Kana waan ta’eef, wantoonni elementoota Tiyaatiraa jedhaman wantoota Tiyaatirri tokko yaada irraa jalqabee hanga waltajjii irratti agarsifamuutti adeemsa ogummaalee keessa darbuu hundumaa kan of keessatti qabatu yeroo ta’uu jabana adda addaa keessatti akkaataa haala qabiyyee fi boca dhiyyeessa isaan wantoota adda addaa dabalataafi hir’isaa deemuun har’a gaheera. Jabana amma keessa jirru kana keessaatti elementoonni Tiyaatira ammayyaa fayyadamnu kanneen armaan gadiiti.

1.3.1 Taatota

Taatota ykn hirmaattota Tiyaatira tokkoo kan jedhaman yaada og-barruu barreeffamaan dhiyaatee tokko amala wantoota sanaa bakka bu’uun karaa amansisaa ta’een akkaataa seenaa isaaniin waltajjii irratti namoota dhiyeessaniidha.

1.3.2 Daawwattoota

Daawwattonni Tiyaatira tokkoo Tiyaatirri tokko qophaa’ee bakka itti dhiyaatutti ykn agarsiifamutti argamuun Tiyaatira dhiyaate daawwachuuf namoota argaman yeroo ta’uu taatota waliin walitti dhufeenya ogummaa qabaniin waantoota nama gaddisisan irratti waliin gaddaa, waantoota nama kofalchiisan irratti waliin kolfaa yaada ykn duub-deebii kallattii kennuun itti fufinsaafi guddina Tiyaatira tokkoof gahee ol aanaa kan qabaniifi taphataniidha.

1.3.3 Qopheessaa

Yaada og-barruu barreeffamaan dhiyaate ykn qophaa'e tokkoo gara ogummaa agareetti ykn ilaalamuu danda'utti jijjiiruun nama beekumsaa fi ogummaa ol- aanaan lubbuu itti horuu danda'uudha. Barreeffama dhiyaate irraa ka'uudhaan wantoota ilaalamuu/argamuu, dubbatamuu fi raawwatamuu qaban hundaa kan uumuu yeroo ta'uu; Taatoota, ogeessota meeshaalee ogummaa akkasumas wantoota mul'achuu qabanii fi haala walii galaa filatee sirreessuun ykn leenjisuun hojii Tiyaatiraa daawwattootaaf madaalu ol-aantummaan kan qopheessuudha.

1.3.4 Bakka Agarsiisaa/Tiyaatiraa/

Bakka daawwattootaa fi ogeessotaaf mijataa ta'e, ilaalcha kan hin daangesine, taatonni yeroo dhiyeessan sirritti iddoo itti mul'atan, iddoo teessumaa daawwattotaaf madaaluu akkasumas galteewwan adda addaa kan of-keessatti qabateefi mana keessa, manaa alaa ykn waantota socho'an addaa addaa irratti waltajiiwwan adda addaa bocaafi gosa adda addaan ijaaruun/qopheessuun iddoo Tiyaatirri itti qophaa'ee dhiyaatuudha.



Fakkii: Bakka Tiyaatiraa Agarsiisu

1.3.5 Galteewwan/Meeshaalee/ Ogummaa Tiyaatiraa

Waantoota addaa addaa raawwii Tiyaatiraaf deeggarsa ta'an yeroo ta'uu akka hojichi irra caalaa miidhagee mul'atuuf, taatoonni amala waan bakka bu'an Sanaa akka fakkaataniif, waa'ee og-barruu Sanaa, bakka isaa, bara ykn jabana isaa, akkasumas hawaasa bakka bu'u sana sirritti mul'isuun akka qabiyyeen ogummaa Sanaa sirritti cimuu kan taasisaniidha. Meeshaalee miidhaginaaf oolan, uffata, meeshaalee tajaajilaaf oolan, haguuggiwwan/ golgawwan/ waltajjii, ifa ibsaa addaa addaa, meeshaalee sagalee adda addaa, muuziqaa, fakkiiwwan adda addaa, bobbocaa fi ijaarsawwan waltajjii adda addaa irra caalaan ni tarreeffamu.

1.3.6 Barreeffama /Og-barruu Tiyaatiraa

Barreeffamni /og-barruun/ Tiyaatira tokkoo ilaalcha qopheessaan kan uumamuu yeroo ta'u; haalli hubannoofi beekumsa qopheessaan waa'ee uumamaa, siyaasaa, dinagdee, akkasumsa haala jireenya hawaasummaa irratti qabu irraa ka'uun miira dhuunfaa isaa, amantaa isaa akkasumas haala falasamaa mataa isaa fayyadamuun malleen dhiyeessii adda addaa fayyadamuun mala hima afoolaa ykn raawwii waltajjiif akka ta'uutti bifa walaloon ykn tarreessuun barreeffama dhiyeessuudha.

Gilgaala 1.7.

1. Elementoonni/ruqooleen bu'uura tiyaatiraa eenyufaa dha?
2. Meeshaaleen hojii tiyaatira tokkoof barbaachisan maal faadha?
3. Gahee qopheessaa tiyaatiraa ibsi.
4. Qopheessaa fi barreessaa tiyaatiraa gidduu garaagarummaa jiru ibsi.

1.3.7 Tooftaalee/Mala/ Salphaa Waraabbii Suur-Sagalee

(Waraabbii Suur-Sagalee Dhiheenya, Waraabbii Suur-Sagalee Giddu Galeessaa, Waraabbii Suur-Sagalee Fageenya, Waraabbii Suur-Sagalee Waliigalaa)

Xumura kutaa barannoo kanaan booda:

- * Akaakuwwan waraabbii sur-sagalee ni tarreessu.
- * Garaagarummaa waraabbii sur-sagalee adda addaa giddu jiru ni ibsu.
- * Faayidaa gosootni waraabbii adda addaa qaban vidiyoo ykn filmii tiyaatira adda addaa fayyadamuun ni agarsiisu.

Qopheessaan Fiilmii tokko ibsa yaadaa dhimma bu'uuraa tokko irratti gochaalee bakka bu'uun taatoota agarsiisan agarsiistuu kaameraa suur-sagalee keessa galchuun kan ibsan yeroo ta'uu barreeffama fiilmii tokko akka seeneessaniif qopheessitoonni ammoo haala waraabbii suur-sagaleen qindeessanii ni seenessu. Akkaataa garaa garummaa suur-sagalee waraabamu sanaan elementonni ibsaman jiru. **Isaanis:** Waraabbii suur-sagalee dhiheenya, Waraabbii suur-sagalee giddu galeessaa, Waraabbii suur sagalee fageenyaa fi Waraabbii suur-sagalee waliigalaati.

1.3.8 Waraabbii Suur-Sagalee Dhiheenya

Qopheessaan tiyaatiraa tokko ilaalcha mormaa ol jiran filachuun sochiilee xiyyeeffannoo taatoota agarsiisuuf kan itti fayyadamuudha. Fayidaan isaan qabanis: Miira gahee taphattootaa ni ibsuu, Seeneessuu keessatti miira nama hatuu, ilaalcha guddisuun fakkii qulqulleessuu fi xiyyeeffannoo akka argatu ni taasisu.

1.3.9 Waraabbii Suur-Sagalee Giddu Galeessaa

Akaakuun waraabbii kun taatootanii fi meeshaaleen agarsiifaman kamiyyuu kan waraabaman fageenya fakkaattii giddu galeessaa irratti kan waraabamaniidha. Hangi mul'ina isaanis kutaalee qaamaa walakkaa ta'ee namaaf mudhiidhaa ol akka jechuuti.

1.3.10 Waraabbii Suur-Sagalee Fageenyaa

Fiilmii tokko keessatti raawwii qindoomina bakkaa, yeroo fi taatootaa gad- fageenyaan ibsuuf gosa waraabbii fayyaduudha. Fiilmiin eessatti fi yoom akka hojjetamu akkasumas namoota ykn garee hangamin akka hojjetamu kan agarsiisuudha.

1.3.11 Waraabbii Suur-Sagalee Waliigalaa

Bakka seenaan fiilmichaa itti raawwatamu, haala waliigalaa naannoo fi miira isaa agarsiisuun ilaalcha tasgabba'aa fi irra deddeebii qabuun; jijjiirama yeroo, jijjiirama uumamaa, iddoon itti seenaan sun raawwatame, akkasumas haalli naannoo Sanaa sochiilee taateewwanii waliin kan irraa argamuudha.

Gilgaala 1.8.

1. Garaagarummaan qopheessaa fi barreessaa giddu jiru maali? Ibsi.
2. Gaheen daawattoonni Tiyaatiraa hojii Tiyaatira tokkoof qaban maali?
3. Malleen Waraabbii Suur-sagalee salphaa kan jedhaman eenyuufaadha?

2 Yaada Cuunfaa

Mata duree boqonnaa kanaa jalatti qabxiilee gurguddoon afur akka hubattaniif isiif dhiyaataniiru. Isaanis: Elementoota/ruqoolee ogummawwan aartii mul'atoo, Elementoota /ruqoolee/ muuziqaa, Elementoota/ruqoolee Tiyaatiraa fi Tooftaalee salphaa waraabbii suur-sagalee faa dha. Ogummaalee aartii gochaa fi agaree kan jedhaman muuziqaa, fakkii fi tiyaatira yeroo ta'an elementoota tokkoon tokkoon isaaniif ibsi gahaan kutaa barannoo kana jalatti kennameera.

Elementoota Ogummaalee Mul'atoo kanneen jedhaman Sarara (Line)/1D, Boca (Shape)/2D, Foormii (Form) /3D, Bakka (Space), Halluu (Color), Lallaafinaafi jajjabeenya/ qulqullina qaamoolee wantootaa (Texture) fi k.k.f dha.

Sararoota bu'uuraa kan jedhaman Sarara Dhaabbii/Dhaabbataa (Vertical Line), Sarara Dalgee (Horizontal Line), Sarara Muraa/Shaffaxaa/ Diagonal Line), Sarara Golboo (Curved Line), Sarara Maramaa (Spiral Line), Sarara Zigzaagii (Zigzag Line) fi Sarara Danbali'aa (Wave Line) faadha.

Elementoonni/ruqooleen muuziqaa isaan gurguddoo ta'an: Yeedaloo (Melody), Rukutta (Rhythm), Qindoomina Sagalee (Harmony), Teempoo (Tempo), Halluu/Qulqullina Sagalee (Timbre), Mi'aayina Sagalee (Pitch), Daayinaamiksii/dynamics/, Qulqullina Sagalee (Texture), Boqonnaa (Silence), Yeroo Turtii (Durational Time) fi k.k.f. dha.

Jabana amma keessa jirru kana keessaatti elementootni Tiyaatira ammayyaa fayyadamnu kanneen armaan gadiiti. Isaanis:- Taatota, daawwatoota, qopheessaa, Bakka Agarsiisaa/ Tiyaatiraa/, Meeshaalee Tiyaatiraa, Barreeffama/Og-barruu Tiyaatiraa/ fi k.k.f. Kana malees Tooftaalee/Mala/ Salphaa Waraabbii Suur-Sagalee jiru. Akkaataa garaa garummaa suur-sagalee waraabamu sanaan elementonni jiran kunniin isaan armaan gadii ti. Isaanis: Waraabbii suur-sagalee dhiheenya, waraabbii suur-sagalee giddu galeessaa, waraabbii suur sagalee fageenya fi waraabbii suur-sagalee waliigalaa ti.

Gilgaala Boqonnaa 1

I. Gaaffilee Armaan Gadiif Filannoowwan Kennaman Keessaa Qubee Deebii Sirrii Ta'e Filladhaa.

1. Safara hanga ariitii sagalee muuziqaa keessatti ariitii suuta qabeessa kan agarsiisu kami?
A. 30 B. 90 C. 180 D. 60
2. Dhaggeeffachuuf mijaawaa kan ta'ee fi haala salphaan walaloo isaa hubachuuf kan dandeesisu kami?
A. Teempoo B. Yeedaloo C. Daayinaamiksii D. Boqonnaa
3. Nootaalee fi boqonnaaleen muuziqaa gatii wal-qixa ta'een yaa'insa sagalee Akka eegnuuf kan nu gargaaru kami?
A. Boqonnaa B. Qulqullina(Timber) C. Yeroo turtii D Teempoo
4. Kubbaa tokko gara lafatti gad rukutuun qabuun maali agarsiisa?
A. Yeedaloo B. Rukutta C. Qilla'uu D. yeroo turtii
5. Gosoota waraabbii sur-sagalee keessaa isa kamtu bakka seenaan fiilmichaa itti raawwatu fi haala waliigalaa naannoo fiilmiin sun itti hojjetamee kan ibsu isa kami?
A. Waraabbii suur-sagalee waliigalaa
B. Waraabbii suur-sagalee dhiheenya
C. Waraabbii suu-sagalee fageenya
D. Waraabbii suur-sagalee giddu-galeessa
6. Fiilmii tokko keessatti raawwii qindoomina bakkaa, yeroo fi taatootaa gad-fageenyaan ibsuuf gosa waraabbii isa kamtu irraa caalaan ibsuuf gargaara?
A. Waraabbii suur-sagalee fageenya
B. Waraabbii suur-sagalee dhiheenya
C. Waraabbii suur-sagalee waliigalaa
D. Waraabbii suur-sagalee giddu-galeessa

7. Fiilmiin tokko eessaatti fi yoom akka hojjetamu akkasumas namoota ykn garee hangamin akka hojjetamu kan agarsiisu gosa waraabbii suur-sagalee isa kamiidha?
 A. Waraabbii suur-sagalee fageenyaa
 B. Waraabbii suur-sagalee dhiheenya
 C. Waraabbii suur-sagalee waliigalaa
 D. Waraabbii suur-sagalee giddu-galeessaa
8. Qopheessan tiyaatiraa tokko ilaalcha mormaa ol jiran filachuun sochiilee xiyyeeffannoo taatotaa agarsiisuuf kan itti fayyadamu isa kami?
 A. Waraabbii suur-sagalee giddu-galeessaa
 B. Waraabbii suur-sagalee dhiheenya
 C. Waraabbii suur-sagalee waliigalaa
 D. Waraabbii suur-sagalee fageenyaa

II. Gaaffilee Armaan Gadiitiif Deebii Barreeffaman kennaa.

1. Sadarkaa sagalee dhala namaatiin sagaleen furdaa giddu galeessi jedhama?
2. Yeedaloo tokko osoo dhaggeeffachaa jirruu akka tasaa yoo sagaleen yoo addaan cite ta'uu ibsa.
3. Muuziqaa yeroo wal- qixa ta'een akka taphannuu fi dhaggeeffannuuf kan nu taasisu dha.
4. Hanga rukuttaa sagalee yeedaloo muuziqaa tokkoo kan nu agarsiisu dha.

III. Gaaffilee Armaan Gadii Hiika Isaanii Roga “A” fi “B” Jala Jiran Wallin Walitti Firoomsaa.

A

1. Qulqullina sagalee
2. Safara hanga sagalee
3. Hanga ol-ka'iinsa sagalee humnaa olii
4. Ol-ka'iinsaa fi gad-bu'iinsa yeedaloo

B

- A. Hollannaa sagalee
- B. Iyya
- C. Daayinaamiksii
- D. Timber

Boqonnaa 2

2. MIIRA KALAQAA

Xumura boqonnaa kanaan booda:

- * Qubeewwanii fi sagaleewwan muuziqaa torban addaan ni bafta.
- * Fageenya gidduu sagaleewwanii jiran ni hubatta.
- * Maqaa sararootaa fi bakka duwwaa istaafii ni beekta.
- * Furtuu sagaleewwan muuziqaa ni addeessita.
- * Iddoo duwwaa fi sararoota gabatee barreeffamaa muuziqaa ni qayyabatta.

Seensa

Kutaan barannoo kun kan irratti xiyyeeffatu sagaleewwan bu'uuraa muuziqaa torbanii fi mallattoolee isaanii, gabatee barreeffamaa muuziqaa sararootaa fi bakka duwwaa isaanii akkasumas furtuu istaafii kutaa istaafii gama bitaa irra taa'uun moggaasa maqaa istaafii murteessuu fi sararoota gargaartuu ti.

2.1 Maqaa fi Nootaalee Muuziqaa


Xumura qabiyyee kutaa barannoo kana booda:

- * Maqaa nootaalee muuziqaa ni tarreessita.
- * Maqaa fi nootaalee muuziqaa ni ibsita.
- * Bakka duwwaa fi sararoota istaafii muuziqaa ni fakkeessita.
- * Kileefoota istaafii addaan baasuun ni ibsita.

Muuziqaan qubeewwanii fi sagaleewwan torba irraa kan hundeeffameedha. Qubeewwan sagaleewwan muuziqaa kunniin qubeewwan Afaan Ingiliizii warra jalqabaa torbaniidha. Sagaleewwan muuziqaa ammoo gatii nootaaleen muuziqaa qaban yoo ta'uu nootaaleen muuziqaa nootaa guutuu kaasee walakkaa walakkaan kan hir'achaa deemuu yeroo ta'u gatiin sagalee isaanis haaluma kanaan hir'achaa deema.

Qubeewwanii fi Sagaleewwan muuziqaa

Sagaleewwanii fi qubeewwan muuziqaa akka waliigalaatti torba yeroo ta'an isaanis kanneen armaan gaditti gabatee barreeffamaa muuziqaa G-kileefii irratti tarreeffamaniidha.




Afaan Ingikiizii	C	D	E	F	G	A	B	C
Afaan Oromoon	Doo	Ree	Mii	Faa	Sool	Laa	Sii	Doo
Afaan Xaaliyaanii	DO	RE	MI	FA	SOL	LA	SI/TI	DO

Gabatee: Qubeewwanii fi sagaleewwan muuziqaa

2.1.1 Gabatee Barreeffamaa/Istaafii/ Muuziqaa


Sararoota wal-cinaa ta'an shanii fi iddoo duwwaa afur irraa uumamee nootaalee fi boqonnaalee muuziqaa irratti barreessuuf kan ooluu ta'ee akkaataan lakkoofsa sararootaa fi bakka duwwaa isaanii jalaa ol-kan ta'eedha.



Fakkeenyaaf: Sararootaa fiiddoo Duwwa

Gabatee: Lakkoofsa sararootaa fi bakka duwwaa Istaafii


Haala fakkii armaan gaditiin gabatee barreeffamaa muuziqaa hubachuuf barruu (bar'uu) harka bitaa diriirsuun quba keenya diriirsinee quba xiqqaa irraa hanga quba guddaatti yeroo lakkoofnu sararoota kana kan agarsiisan yeroo ta'u quba harka keenyaa giddu iddoo duwwaa jiru beekuuf gargaara.



Fakkii: sararootaa fi iddoo duwwaa istaafii

2.1.2 Nootaalee Muuziqaa Istaafii Irratti Barreessuu


Nootaalee muuziqaa istaafii irratti yeroo barreeffaman haala armaan gadiin ta'a. Innis kanneen sarara fi bakka duwwaa istaafii irratti barreeffamaniidha. Haala Kanaan maqaan sararootaa fi bakka duwwaaa istaafii furtuuwwan istaafii irratti hundaa'uun addaa addummaa qabu.



Fakkii: Nootaalee istaafii irra taa'u agarsiisu

2.1.3 Sararoota Gargaartuu (Ledger Lines)


Nootaalee istaafii olii fi gadiin barreessuuf sararootni gaggaabaabduun garagaaran sararoota gargaartuu (Ledger Lines) jedhamuun beekamu. Nootaaleen istaafii oliin sararoota gargaartuu fayyadamuu barreeffaman sagaleewwan qal'aa kan bakka bu'an yeroo ta'uu istaafii gadiin sararootni gargaartuu barreeffaman ammoo sagaleewwan muuziqaa furdaa ta'an kan baka bu'aniidha.



Fakkii: Sararoota Gargaartuu

1.2.4 Istaafii Guddaa/Great staff/ (Grand staff)

Furtuuwwan istaafii muuziqaa lamaan bakka tokkotti walitti qindeessuun kan itti fayyadamnu keessumattuu meeshaa muuziqaa Piyaanoo fi qindoomina sagaleewwaniif (harmony) kan gargaaruudha




Fakkii: Istaafii Guddaa

2.1.5 Furtuuwwan Istaafii/Kileefii/(clefs)

Furtuuwwan istaafii kutaa istaafii gama bitaa irra taa'an bakka sagaleewwan istaafii irraa jiran itti argaman kan agarsiisu yeroo ta'uu mallattoolee nootaaleen sagalee addaan baasuuf mallattoolee gargaaraniidha.

Furtuun Tireebilii (Trebil clef)/G-clef) sarara istaafii irraa sarara 2^{ffaa} irratti kan hidhamu yeroo ta'uu sagaleewwan qal'aa fi qal'aa giddu galeessaa (suupiraanoo Altoo)/supirano Alto) ta'an barreessuuf kan gargaaru yeroo ta'uu duraa duubni haala barreeffama isaanii gabatee armaan gaditti dhiyaate irraa hubachuun ni danda'ama.



Fakkii: Furtuu G-kileefii

Furtuun Beez-kileefii (F-clef) sarara istaafii 4^{ffaa} irratti kan hidhamu yeroo ta'u sagaleewwan furdaa fi furdaa giddu galeessaa (Tenor Bass) ta'an barreessuuf kan gargaarudha.



Fakkii: Beez-kileefii

Gilgaala 2.1.




Istaafii armaan gaditti kennaman irratti furtuwwan lamaan irra deddeebin hojjeedha.

2.1.6 Maqaa fi Bakka Duwwaa Istaafii

Maqaa fi bakka duwwaa istaafii haala salphaan hubachuuf akka tolutti armaan gaditti dhiyaataniiru. Istaafiin lamaan dhiyaatan kana irratti hundaa'uun sararoonni fi bakka duwwaan kun maqaa adda addaa qabu.

2.1.6.1 Maqaa Bakka Duwwaa fi Sarara G-kileefii (Treble clef)

Maqaa fi bakka duwwaan G-kileefii (treble clef) sararoota shanii fi bakka duwwaa afur irraa kan hundeeffameedha. Isaanis haala armaan gadiin kan dhiyaatan yeroo ta'u haala salphaa ittin hubachuuf toluun kan dhiyaataniidha.



Gabatee: Maqaa sararaa fi bakka duwwaa G-kileefii

Sarara	1 ^{ffaa}	2 ^{ffaa}	3 ^{ffaa}	4 ^{ffaa}	5 ^{ffaa}
Afaan Ingiliziin	G	B	D	F	A
Afaan Xaaliyaanin	sol	Si	Re	Fa	La

Haala salphaan afaan Ingiliiziin sagaleewwan sararoota istaafii kana akka hubataniif jechoonni gargaaran:

- **Good Bubbles Do Fizz Always**
- **Great Big Dinosaur's Fight Always**
- **Goofy Babies Do Funny Acts**




Bakka Duwwaa	1 ^{ffaa}	2 ^{ffaa}	3 ^{ffaa}	4 ^{ffaa}
Afaan Ingiliziin	A	C	E	G
Afaan Xaaliyaanin	La	Do	Mi	Sol

Haala salphaan afaan Ingiliiziin sagaleewwan bakka duwwaa istaafii kana akka hubataniif jechoonni gargaaran:

- **A Cats Eyes Glow**
- **All Cows Eat Grass**
- **All Cars Eat Gas**

2.1.6.2 Maqaa Bakka Duwwaa fi Sarara F- kileefii (Bass clef)

Maqaa fi bakka duwwaan F-kileefii (Bass clef) sararoota shanii fi bakka duwwaa afur irraa kan hundeeffameedha. Isaanis haala armaan gadiin kan dhiyaatan yeroo ta'u haala salphaa ittin hubachuuf toluun kan dhiyaataniidha.

**Line Notes:****Space Notes:**

Gabatee: Maqaa sararaa fi bakka duwwaa G-kileefii

Sarara	1 ^{ffaa}	2 ^{ffaa}	3 ^{ffaa}	4 ^{ffaa}	5 ^{ffaa}
Afaan Ingiliziin	G	B	D	F	A
Afaan Xaaliyaanin	sol	Si	Re	Fa	La

Haala salphaan afaan ingiliiziin sagaleewwan sararoota istaafii kana akka hubataniif jechoonni gargaaran:

- **Good Bubbles Do Fizz Always**
- **Great Big Dinosaur's Fight Always**
- **Goofy Babies Do Funny Acts**

Bakka Duwwaa	1 ^{ffaa}	2 ^{ffaa}	3 ^{ffaa}	4 ^{ffaa}
Afaan Ingiliziin	A	C	E	G
Afaan Xaaliyaanin	La	Do	Mi	Sol

Haala salphaan afaan ingiliiziin sagaleewwan bakka duwwaa istaafii kana akka hubataniif jechoonni gargaaran:

- **A Cats Eyes Glow**
- **All Cows Eat Grass**
- **All Cars Eat Gas**

Gocha 2.1.

- Barata/ttu muuziqaa sagaleewwan ol-ka'aa waliin wal-qabatan dhaggeeffadhaa.
- Dhuunfaan waa'ee muuziqaa dhaggeeffattanii barrsseessuun gareen irratti mari'aadhaa
- Mariin booda qabxiilee marii keessanii barsiisaa keessaniif ibsaa.

2.1.7 Mallattoolee Tasaa Sagalee Muuziqaa (Accidental's sign)

Mallattooleen tasaa sagalee muuziqaa mallattoolee qubeewwan sagalee muuziqaa fuuldura galuun gatii sagaleewwanii irraa walakkaa fi guutuu hir'isaniidha.

Mallattoolee	Afaan Ingilizii	Afaan Oromoo	Jijjiirama Sagalee uuman
#	Sharp	Shaarpīi	Sagalee tarkaanfii walakkaan ol-kaasuu
b	Flat	Filaattii	Sagalee tarkaanfii walakkaan gad-buusuu
×	Double Sharp	Shaarpīi dachaa	Sagalee tarkaanfii guutuun ol-kaasuu
bb	Double flat	Filaattii dachaa	Sagalee tarkaanfii guutuun gad-buusuu
♮	Natural	Sagalee Bakka Dura tureetti deebisuu	Sagalee bakka dura tureetti debisuu

Furtuuwwan Shaarpii fi Filaattii

C# or D$\flat$	D# or E$\flat$		F# or G$\flat$	G# or A$\flat$	A# or B$\flat$	
C	D	E	F	G	A	B

Shaarpii fi Filaattii Dachaa

C# D$\flat$ B$\times$	D# E$\flat$ F$\flat$		F# G$\flat$ E$\times$	G# A$\flat$	A# B$\flat$ C$\flat$	
C B# D $\flat$	D C $\times$ E $\flat$	E D $\times$ F $\flat$	F E# G $\flat$	G F $\times$ A $\flat$	A G $\times$ B $\flat$	B A $\times$ C $\flat$




Inhaarmoonik iku'aayivaalentiin (Inharmonic Equivalent) sagalee tokko qabaatanii qubeewwan maqaa adda addaa qabaniidha.

C# - D$\flat$ -	C$\times$ - D
G# - A$\flat$	D$\flat$ $\flat$ - C
D$\flat$ - C#	E$\times$ - F#

2.1.8 Mallattoo Agarsiisa Yeroo (Time Signature)

Mallattoon agarsiisa yeroo furtuu istaafiitti aansuun kan taa'u ykn barreeffamuu fi gatiin nootaalee wal-qixa hiramani sarara qooddii istaafiin dangeeffamanii akka taa'an gochuuf gargaara.

Mallattooleen agarsiisa yeroo lakkoofsaan kan bakka bu'aman yeroo ta'uu lakkoofsonni kun kan gubbaa fi kan jalaa jedhamuun beekamu. Lakkoofsi gubbaa jiru baay'ina gatii nootaalee sarara qooddii tokko keessa jiranii kan hubachiisuyeroo ta'u lakkoofsi jalaa ykn gadii gosa nootaalee ibsa.

Mallattoolee	Gatii Nootaalee sarara qooddii tokko keessatti argamanii	Sarara qooddii tokko keessatti nootaalee argamuu qabanii
 Mattalloo Waloo “C” /common time”)	4	
	2	
	3	
	2	

2.1.9 Sarara Qooddii (Bar line)

Nootaalee muuziqaa fi mallattoolee boqonnaa gatii mallattoo agarsiisa yeroon kennameen wal-qixa qooduuf sarara dhaabbii gargaaruudha. Xumuura istaafii irratti nootaalee fi boqonnaaleen barreeffamanii xumuramuu kan agarsiisu sararri dhaabbii lama kan galu yeroo ta'u maqaan isaa sarara qooddii dachaa/Double bar line/ jedhama.

qooddii sararaa

Safartuu qooddii sarara qooddiidachaa

Fakkii: Sarara qooddii

2.1.10 Mallattoo Irra deddeebii

Yeedaloo nootaalee barreeffamanii irra deebi'uun kan barbaachisu ta'ee yoo argameef mallattoo kanaan kutaan irraa deebi'amu daangeeffama. Mallattooleen kun walaloo faaruu tokko keessatti kutaan irra deebi'amu (x2) dhuma irratti kaa'ama

Baaqqee Dachaa irra deebii calqabaa irra deebii xumuraa Xumura

Fakkii: Sarara qoodduu dacha

Gilgaala 2.2.

1. Maqaa nootaalee istaafii armaan gadii irratti barreeffamanii barreessaa.

Exercise 1 musical notation. Treble clef staff: F (first line), rest, rest, eighth note (second line), rest, eighth note (third line), rest, eighth note (fourth line), eighth note (fifth line). Bass clef staff: C (first line), eighth note (second line), eighth note (third line), eighth note (fourth line), eighth note (fifth line), eighth note (first line), eighth note (second line), eighth note (third line).

2. Mallattoo nootaalee qubee kennamaniif istaafii irratti barreessaa.

Exercise 2 musical notation. Treble clef staff: A (first line), C (first space), G (second line), F (second space), B (third line), G (third space), D (fourth line), E (fourth space), D (fifth line), B (fifth space). Bass clef staff: E (first line), F (first space), D (second line), G (second space), C (third line), A (third space), B (fourth line), G (fourth space), A (fifth line), C (fifth space).

3. Mallattoo nootaalee Istaafii irratti barreessaa.

Exercise 3 musical notation. Treble clef staff: G (first line), B (first space), A (second line), D (second space), C (third line), B (third space), D (fourth line), C (fourth space), E (fifth line), F (fifth space). Bass clef staff: (empty).

2.2 Moozaayikii Waraqaa fi Maxxansa Bilooketii /Moosee/

Gocha 2.2.

Haala waliigalaa hojii moozaayikii fi haala itti fayyadama meeshaalee moozaayikii akka barattoonni hubatan taasiisu. Akkasumas meeshaalee hojii kanaaf barbaachisan akka hubatan gochuu.

Xumura kutaa barannoo kana booda:

- * Ogummaalee moozaayikii waraqaalee fi maxxansa adda addaa fayyadamuun hojiiwwan miidhaginaa ni hojjetta.
- * Wixinee adda addaa hojjechuun haala wixinee qopheessitaniin waraqaalee maxxansuun moozaayikii ni hojjetta.
- * Gosoota maxxansaa fi amaloota bu’uuraa isaanii ni ibsita.
- * Wantoota uumamaa fi nam-tolchee adda addaa fayyadamuun hojiiwwan maxxansaa adda adda ni shaakalta.
- * Hojiiwwan maxxansa moose ni hojjetta.

2.2.1 Moozaayikii Waraqaa

Wantoonni uumamaa fi nam-tolchee bu’aalee hojii ogummaa aartii gochaa fi agaree naannoo keenyatti argamaniti. Hojiiwwan kana qabataman hojjechuuf meeshaalee hojiiwwan kanaaf barbaachisan kan qopheessinu wantoota uumamaa fi nam-tolchee kanniin waan ta’eef; amaloota waliigalaa isaanii xiyyeeffannoon hubachuun bu’aa hojii hojjetamu sanaaf murteessaadha.

Hojii moozaayikii hojjechuuf ammoo meeshaaleen barbaachisan caccabaa daawwitii, caccabaa dhagaa Ibineeberedii, cirracha naannoo bishaanitti argamu, callee ykn dooqaa, fi k.k.f. yeroo ta’an meeshaalee kanniin yeroo walitti qaban boca, bifa ykn halluu, akkasumas amala lallaafinaa fi jajjabeenya waan hojjetamu Sanaa irratti hundaa’uun walitti qabuun bu’aa hojii hojjetamuuf murteessaadha

Malli hojii moozaayikiin waraqaalee murmuruu fi maxxansuun kan hojjetamuudha.

Mala Hojii Moozaayikii Waraqaa

- Gabatee ykn boordii furdaa irratti wixinee hojii waraqaa moozaayikiif filatamee wixinuu.
- Meeshaalee hojii wixinee filatameef barbaachisan walitti qabuun akkaataa halluu isaaniin qindeessuu.
- Waraqaaleen walitti qabaman halluu wixinee qophaa'e waliin kan hin deemne yoo ta'eef halluu barbaachisu dibuun qopheessuu.
- Kaartoonii ykn waraqaalee halluu dibamanii qophaa'an hanga barbaachisuun murmuruu qopheessuu.
- Waraqaalee murmuramanii qophaa'an akkaataa halluu isaanii salphaatti akka argamaniif sirreessuun kaa'uu.
- Akkaataa wixinee qophaa'een halluu isaanii irratti hundaa'uun wal- qabsiistuu dibuun maxxansuu.
- Haala ifaa fi gaaddisa wixinee qophaa'een wantoota qophaa'an maxxansuu fi foormii waan hojjechuun barbaadamu sanaa hanga argatanitti hanqina jiru irra deddeebiin sirreessaa xumuru.



***Fakkii:** Meeshaalee hojii moozaayikii waraqaaf qophaa'an*

2.2.2 Wal-qabsiistuu

Hojii moozaayikii waraqaalee hojjechuuf wal-qabsiistuun baay'ee barbaachisa. Kana waan ta'eef wal-qabsiisuuf wal-qabsiistuu warshaaleen qophaa'an fayyadamuun kan danda'amu ta'ee osoo jiruu mooqa miidhanii, happee mukaa fi imiimmaan ykn bishaan biqilootaa fi k.k.f. hojii barbaachisuuf fayyadamuun ni danda'ma.

Akkaataa Qophii Mooqa Miidhaanii

- ▣ Daakuu ajjaa, bisingaa, xaafii fi k.k.f. bukeessuun xuwwetti naqanii ibiddarra kaa'uu.
- ▣ Akka hin guranneef walitti fufiinsaan waliin makuun erga sirritti bilchaateen booda tajaajila barbaachisuuf oolchuun ni danda'ama.

Haala Hojii Happee Mukaa

- ▣ Mukaa harbuu fi qilxuu meeshaa qara qabuun waraanuu fi dhangala'oo isaan keessaa bahu meeshaalee garaagaraatti walitti qabuu.
- ▣ Dhangala'oon walitti qabaman akka hin gogneef sirritti qadaaduu.
- ▣ Dhangala'oon kun gogee hojiin ala akka hin taaneef guyyaa tokkoo hanga guyyaa sadii qofaatti fayyadamuun danda'ama.



Fakkii: Wal-qabsiistuu Happee Mukaa



Fakkii: Wal-qabsiistuu Warshaa

Gocha 2.3.

Bu'aalee hojii ogummaa moozaayikii waraqaa adda addaa barsiisaan isiinitti agarsiisu daawwachuun waa'ee akkaataa hojii isaanii, meeshaalee hojichi ittiin hojjetame fi k.k.f. irratti mari'achuun qabxii marii keessaanii barsiisaa fi barattoota dareef dhiyyeessaa.



Fakkii: Hojii moozaayikii waraqaa mariidhaaf dhiyaate

Gocha 2.4.

1. Meeshaalee hojii moozaayikiif barbaachisan duraa duubaan tarreessaa.
2. Hojii moozaayikii waraqaa hojjechuuf wal-qabsiistuu maal irraa hojjechuu dandeenya?
3. Gareen ta'uun fakkiwwan moozaayikii fi maxxansaa giddu garaagarummaa jiru irratti mari'achuun yaada cuunfaa irratti walii galan barattoota daree keessaniif dhiyyeessaa.
4. Meeshaalee maxxansa kallattiif barbaachisan ibsaa.

2.2.3 Maxxansa Dinnichaa(Moosee)

Wixinee dinnichaa/moosee irratti hojjetame haala kamiin halluu dibuun maxxansuun akka danda'amu barsiisaa keessan waliin ta'uun hojjechuun agarsiisaa. Bakka isin dhibutti barsiisaa irraa qajeelfama gaafachuun hojiicha irra caalaan salphiisuun ni danda'ama. Maxxansa jechuun maal jechuudha? Maxxansa jechuun boca ykn fakkii waan tokkoo irra deddeebi'uun baay'ina barbaadamuun baay'isuu ykn haqi jechuudha.

Hojiileen maxxansaa kan raawwatamu meeshaalee ammayyaa ol-aanaa irraa hanga meeshaalee sasalphaa fi hojiilee harkaan hojjetamanitti damee ogummaa hojjetamuudha. Kutaa barannoo kana jalatti malleen sasalphaa adda addaa fayyadamuun hojiilee ogummaa maxxansaa ni hojjettu. Meeshaaleen hojii ogummaa maxaansaaf barbaachisan baay'een isaanii wantoota uumamaa fi nam- tolchee naannoo keenyatti argaman waan ta'eef wantoota kana hubachuun barbaachisaadha.

Haala waliigalaa wantootaa fi amaloota isaanii hubachuun hojiilee ogummaa maxxansaaf faayidaa ol-aanaa qaba. Bu'aalee hojii ogummaa maxxansaa waantota adda addaa hedduu irratti argamu. Bu'aalee hojii ogummaa maxxansaa kanniin mana barnootaa keessattis ta'ee naannoo mana jireenyaa keessanitti fayyadamuuf yaalaa.

Gocha 2.5.

Barata/ttu wantoota bu'aaleen hojii ogummaa maxxansaa irratti argaman keessaa Kitaabilee, galaalchota, hucuuwwan, meeshaaleen qaruuraa fi hojiin suphee adda addaa isaan muraasadha. Bu'aalee ogummaa maxxansaa kanaafi kanneen biroo daawwachuun mala hojii boca, halluu, lallaafinaa fi jajjabina qaama isaanii hubachuun malleen hojii ogummaa maxxansaa adda addaa beekuuf gargaara.

Gocha 2.6.

Dinnicha(moosee) irratti fakkiwwan, logoowwan, mallattoolee fi k.k.f. adda addaa hojjechuun hojii maxxansa bilooketii /dinnichaa hojjechuun barsiisaa keessanitti agarsiisaa.

Haala Hojii Maxxansa Dinnichaa

- Dinnicha hanga isaa guddaa ta'e filachuun bakka lamatti wal-qixxeessun qooduu.
- Kutaa dinnichaa addaan murame irratti fakkii ykn wixinee waan barbaadanii wixinuu.
- Kutaa qaama dinnichaa irraa sarara wixineen ykn fakkiin ala qaama jiru waan qara qabuun muranii baasuun bocni, fakkiin, wixineen.... Barbaadamu gara alatti bahee akka hafu gochuu.
- Kutaa qaama dinnichaa irraa wixinee, fakkii, bocaa fi k.k.f. ol bahee jiru halluu dibuun bu'aan maxxansichaa irratti maxxansuuf kan qophaa'e waraqaas ta'uu huccuu irratti gad-qabsiisanii kaasuun irra deddeebi'anii maxxansuudha.



Fakkii: Bu'aalee maxxansa dinnichaa(moose)

Gilgaala 2.3.

1. Duuraa duuba adeemsa hojii ogummaa maxxansa dinnichaa tarreessuun ibsi.
2. Meeshaalee ogummaa hojii maxxansaa keessaa afur barreessi.
3. Yeroo hojii maxxansa dinnichaa(moosee) hojjetan dinnicha irratti wixinee erga hojjetaniin booda kutaa qaama dinnichaa isa kamtu muramee irraa baha ykn gatama?

2.3 Uffata (costum) Qabannaa (props) Fayyadamuun Tiyaatira Aartii Sochii Qaamaa Hojjechuu

Xumura kutaa barannoo kana booda:

- F Wantoota ogummaa tiyaatiraa tokkoof barbaachisan keessaa dibataa fi uffataan kan wal- qabatan ni ibsita.
- F Akaakuu uffata fi dibata hojii ogummaa tiyaatiraaf oolanii ni tarreessita.
- F Faayidaa uffataa fi dibata qaamaa ogummaa tiyaatiraa keessatti qabanii fi aadaa adda adda waliin qaban ni ibsita.
- F Faayidaa tasa waa uumuu hubachuun agarsiisa gabaabaa ni hojjetta.
- F Wantoota hojii tiyaatira tokkoof oolan addaan ni baafata,

Tiyaatira ykn fiilmii tokko hojjechuu fi barreessuuf qopheessitoonni maalummaa taatoo, gahee amalaa, yaada akkamitti akka uuman beekuun barbaachisaadha. Waan kana ta'eef wantoota armaan olitti ibsaman hubatanii barreessuun maayimii, paantoo maayim fi waa uumuu tasaa fayyadamuun barreessee taatootaaf amala gahee isaanii kennuufin tiyaatira tokko hojjechuuf waan barbaachisan muraasa qabiyyee kutaa barannoo kana jalatti ni ilaalla.

2.3.1 Uffata

Uffatni dhalli namaa qullaa qaama isaa haguuguuf, aduufi qilleensa ykn qorraafi hoo'a ofirraa ittisuuf akkasumas qaama isaanii irraa miidhaa eeguuf kan gargaaru yeroo ta'uu; kophee miillaa irraa jalqabee hanga waantoota mataatti haguuggatamanitti kan of keessatti hammatamaniidha.

Waa'ee uffata miidhaginaa yeroo kaafnu garuu huccuwwan beekamaniin ala dabalataan jechuun jabana keenya kana keessa yeroo uffataman arginee kan hin beekneefi og-barruu tiyaatiraa keessatti kanneen ibsamaniifi waa'ee jabana Sanaa kan ibsaniifi jabana durii uffatamaa kan turan ykn uffatamaa kan hin turree akkasumas gara ful-duraatti ni uffatamuu jedhanii kan yaadaman kana malees

qopheessaan ykn daayireekteerri taatee hin beekamne keessattifi bakka hin beekamnetti akka hojirra ooluuf kan uumeefi kan uffataman hundaa kan of- keessatti hammatuudha. Uffatni kunniin taatee Tiyaatiraa kan ibsan yeroo ta'uu; taateen kunis:

- o Jabana isaa
- o Bakka isaa
- o Haala qilleensa naannoo
- o Umurii fi saala
- o Sadarkaa galiifi baasii hawaasichaa
- o Eenyummaa, aadaa, miira, amantaa fi haala nageenyaa adda baasee ibsa.

Fakkeenyaaf: Taateen “maraatuu” yoo ta’eef uffata ciccitaafi xuraawaa akkasumas haguugii mataa tattarsa’aa fi waantoota faayidaa hin qabne adda addaa kan baatu yoo ta’eef salphaadhumatti miidhaan ykn hubamni sammuu mudachuu isaa hubachuun ni dana’ama. Gosootni uffataa adda addaa kan jiran yeroo ta’uu dandeettii waa uumuu jabana Sanaa, sadarkaa guddina teekinooloojii jabana Sanaafi, qaroominaa aadaa adda addaa jabana Sanaa ibsuu kan gargaaran yeroo ta’uu eenyumaa haala dinagdee hawaasaa sanaas kan ibsaniidha.

2.3.1.1 Uffata Aadaa

Uffatni aadaa hawaasa naannoo tokkoo ykn biyya tokkoo, bar-maatiilee hawaasa tokkoo kan ibsan yeroo ta’uu, sirna, yeroofi haala adda addaa keessatti kan uffataman ta’ee miiraa fi waantoota hawaasa sana keessatti fudhatama qaban beeksiisuuf gargaaru.

Yeroo hojii jechuun: Yeroo qonnaa, Yeroo midhaan obdiitti qulqulleessan, Yeroo haramaa, Yeroomidhaan sassaaban, uffata gosa adda addaa uffatu.

Yeroo Cidhaa meeshaalee miidhaginaa adda addaa hawaasicha keessatti ergaa adda addaa qaban ni uffatamu.

Yeroo gaddaa sirna uffataa miira gaddaa ittiin ibsatan kan halluwwan adda addaa qaban ni uffatu.

Uffata yeroo ayyaana waggaa fi guyyaa ayyaanaa adda addaatti uffataman yeroo ilaallu ammoo akkaataa haala sirna kabajaa ayyannichatti haala baratamaa naannichaan huccuwwan adda addaa mala uffataa adda addaan saalaa fi umurii bifa bakka bu’uun ni uffatu.

Gilgaala 2.4.

1. Barattoota uffata aadaa hawaasa adda addaa beektan barsiisaa keessanitti himaa.
2. Faayidaa uffatni ogummaa tiyaatiraaf qabu tarreessaa.
3. Faayidaa ykn waan dibatni qaamaa tiyaatira tokko keessatti ibsuu danda'u tarreessaa.

2.3.1.2 Uffata Sirna Amantaa

Uffatni kunniin sirna amantaa tokko keessatti hawaasa argaman akkaataa eenyummaa fi aangoo isaaniin mallattoolee adda addaa kan qaban kan uffatan yeroo ta'uu hordoftoonni amantichaas sirna uffataa amantaa sana ibsu ni uffatu. Fkn: Sirna amantaa Ortodoksii keessatti Uffatni Lubaa, Mar geetaa fi Daaquunii adda addummaa qaba. Hangi Marxoon mataa isaaniillee garaagarummaa qaba.

2.3.1.3 Uffata Ogummaa

Waa'ee uffata ogummaalee adda addaa yeroo hojii garaagaraa uffatamanii yeroo kaafnu ammoo namootni ogummaalee adda addaa irratti argaman kan uffatanii fi eenyummaa isaanii kan ibsu uffata seeraa kan qaban yeroo ta'uu uffatni kunniin sadarkaalee ogummaa mataa mataa isaanii kan qabanii fi ibsaniidha.

Fkn: Uffata ogeessota fayyaa, Poolisii, Waraanaa, Barsiisotaa, Ispoorteesitootaa fi k.k.f. ibsuun ni danda'ama.

2.3.1.4 Uffata Ammayyaa

Uffatni kunniin uffata jabanni fide yeroo ta'uu yeroo adda addaa keessatti akkaataa qaroomina tekinooolojii adda addaan uffatni adda addaa yeroo adda addaatti kan uumaman yeroo ta'uu haala dhaabbataan kan itti fufuu osoo hin taane yeroo waliin kan jijjiiramaniidha. Uffatni kunniin haala hoj-mataa adda addaa fi sirna uffataa adda addaa kan of- keessaa qaban yeroo ta'uu umuriin, saalaa fi sadarkaa aangoon addaan qoqqoodamuu ni danda'u. Yeroo bu'uura godhachuun uftanni uffatamanis kan of- keessatti qabatu yeroo ta'uu yeroo ho'aa, dilallaa, roobaa, qorraa fi k.k.f. kan uffataman akkasumas uffata irriba halkanii, eebbaa, guyyaa dhalootaa fi k.k.f. jechuun addaan qoqqooduu ni dandeenya.

2.3.1.5 Dibata Qaamaa fi Miidhaginaa

Dibata qaamaa fi miidhaginaa jechuun miira qaamaa kan jijjiiruu fi eenyummaa duraan ittiin beekamu irraa miira addaa akka qabaatu kan taasisu yeroo ta'uu jijjiirama dhaabbii gogaa qaama namaa fiduuf jedhamee kan raawwatamuu fi faayidaalee ogummaa hedduu kan qabuudha.

Taatonni dibata qaamaa fi miidhaginaa amaloota adda addaa bakka bu'uun gahee taphachuuf sadarkaa umurii, jireenyaa, qabeenyaa, siyaasaa, haala hojii fi k.k.f. fiduu fi ibsuuf kan fayyadaniidha. Halluu qaamaa, hanga qaamaa fi tolina qaamaa ykn miidhama qaamaa agarsiisuuf dabalataan meeshaalee adda addaa fayyadamuun miira duraan qaban irraa adda taasisuun uumama biraa fakkeessuuf humna qaba.

Fkn. Jaarsa - dargaggeessa, dabbasaa mataa kan hin qabne - kan qabu, gurraacha -adii, ykn uumama hin beekamne fakkeessuuf, nama qaama guutuu -qaama hir'uu fakkeessuun ni danda'ama.

Meeshaalee miidhaginaas ta'e halluwwan itti fayyadamnu adda addaa kunnin kan qaama namaa irratti miidhaa kan hin geessisnee fi haala salphaan bahuu kan danda'u ta'uu qabu. Gochaalee kanniin raawwacuuf ogeessonna adda addaa kan keessatti hirmaatan yero ta'u ogeessi dibata fuulaa, hojii dabbasaa, waan harkatti fayyadaman ykn wantoota qaama isaanii irratti godhatan ogeessonna qopheessan, akkasumas ogeessonna fayyaa waa'ee miidhaa fi faayidaa keemikaaloota wantoota dibatanis ta'e qaama irratti godhatanii kan beekan ykn hordoofan jiru.

Ogeessi dibata qaamaa dandeettii ogummaa fakkii nama qabuu, waa'ee walitti makama halluu irratti hubannoo cimaa kan qabuu, miira fuulaa, gosaa miira qaamaa fi haala dhaabbata waliigalaa qaamaa nama sirritti beekuu fi hubatu ta'uu qaba.

Dibatni qaamaa fi meeshaalee miidhaginaa hojii ogummaa tiyaatiraaf faayidaalee adda addaa kan kennan yeroo ta'u waa'ee amaloota taatoota og-barruu tiyaatiraa:

- ❖ Eenyummaa ni ibsu.
- ❖ Amalootaa fi miira isaanii agarsiisuuf ni gargaaru.
- ❖ Sadarkaa dinagdee ni ibsu.
- ❖ Yeroo seenaan sun itti raawwatame ni ibsu.
- ❖ Sadarkaa qaroomina ni ibsu.
- ❖ Dandeettii waa uumuu ni ibsu.
- ❖ Sadarkaa beekumsa ni ibsu.
- ❖ Hojii ni ibsu.
- ❖ Aangoo ni ibsu.
- ❖ Sirna amantaa ni ibsu.
- ❖ Aadaa fi k.k.f. ibsuun maalummaa isaanii, nama waliin hariiroo qaban, akkasumas naannoo jiraatanii fi haala isaanii ibsuuf galteewwan /meeshaalee/ ol aanoodha.

2.3.2 Taatota Sag-maleeyyii

Gosoonni taatee kunniin Maayimii fi paantoo maayimii jedhamuun kan beekaman yeroo ta'u jabana adda addaa keessa boca ykn foormii adda addaa hordoofuun hojjetamaa tureera.

Maayimiin jabana durii wantoota ykn meeshaalee taateewwan adda addaa guddisanii mul'isan jechuun haala salphaan bifa addaan baafamuu danda'aniin diba adda addaa fi uffata halluu ifaa qaban fayyadamuun seenaa waan Sanaa gar- malee guddisuu kolfa uumuu gochaalee danda'aniin seennessaa turaniiru.

Gosoonni maayim kun tooftaalee fi bakka itti dhiyaatu adda addaa jechuun daandii irratti, waltajjii irratti fi erga televiziyoonii uumameen as ammo teeleviziyoonaan ykn viidiyoonaan dhiyaachaa turaniiru.



Fakkii: Maayimii Tiivii



Fakkii: Maayimii Daandii



Fakkii: Maayimii (Mime)

2.3.2.1 Maayimii (Mime)

Maayimii (mime) ammayyaa yeroo ilaallu meeshaalee kamuu kan hin fayyadamne yeroo ta'u wantoota yaada sammuu keessaa burqeen ykn taateewwan walitti dabalaman waliin gar-malee guddachuun ykn seenaa amansiisaa ta'een jalqabamee guddinaa fi xumura qabaachuun dhiyaata. Maayimiin kun seenaa amanamuu danda'u ykn gochaalee tasumaa amanamuu hin dandeenye gadi fageenyaa fi sadarkaa baay'ee cimaa ta'een qindeessuun dhiyeessa.

☞ Gadi fageenyaan – seenaa fi gochaalee amansiisaa fi sababa qabeessa

☞ Gama cimaan – seenaa fi gochaaleen wal-hin fakkaannee ittiin dhiyaatu.

Fakkeenyaaf: Yaada hammeenya cimaa keessatti wantoonni yaadaman akka waan jiranitti fadhatamanii kan hojjetaman yeroo ta'uu Yaada baay'ee cimaa keessatti ammoo maastikaa alanfatamuu akka kubbaatti fudhatanii taphachuudha. Kana jechuun wantoota wal-hin fakkaanne taasisuun ni danda'ama.

2.3.2.2 Paantoo Maayimii (Panto mime)

Gosti maayimii kun gochaleen raawwii humnaa ol akka hin taanee daangeeffaman akka agarsiifaman yeroo barbaadamuu fi seenaan humnaa ol ta'uu danda'an yoo jiraateef mala tiyaatiraa biroo faayadamuu kan agarsiifamu ta'a. Meeshaalee ykn wantoota adda addaa haala sirrii ta'een fayyadama. Jabana sagaleen hin uumamin keessa akka addunyaatti ogummaan kun gahee ol-aanaa kan taphate yeroo ta'u viidiyoowwanii fi fiilmotni gochaan qofa ittiin dhiyaachaa turaniiru.

Fakkeenyaaf: Fiilmii Chaapirliniin “The Mashion Time” jedhu ilaalaa.

Jabana kana keessas bifa ammayyaa'an galteewwan sagalee itti dabalamaniin kan dhiyaachaa jiran yeroo ta'u keessumayyuu namoota rakkoo dhaggeettii qabaniif damee ogummaa bashannanaa isa guddaa ta'ee argama.

Fakkeenyaaf: Hojiwwan ogummaa “Mister Ben” ilaalaa.

Gocha 2.7.

1) Sagalee malee sochii miira fuulaa, harkaa fi kutaalee qaamaa biroo fayyadamuun miira adda addaa kanneen akka: Gammachuu, gadda, dhukkabaa, aarii, gootummaa, sodaa fi k.k.f. shaakali.

2.3.2.3 Waa Uumuu (Kalaqa) Tasaa

Waa uumuu tasaa kan jedhamu kan barattoonni dandeettii waa uumuu isaanii ittiin guddifatan yeroo ta'u karaalee adda addaan yaada burqiisuu garee ykn dhuunfaan ta'uun seenaa waa tokkoo uumanii ogummaa ittiin seeneessaniidha. Kana jechuun og-barruu barreeffamee tokko osoo hin qabaatin karaa miirawwan ykn yaada adda addaa ittiin argatan: baar-maatiilee, seenaawwan, oduuwwan, ykn taateewwan hawaasaa fi k.k.f. irraa ka'uun dandeettii waa uumuu fayyadamuun og-barruu taasisanii seenessuu yeroo ta'uu gosti waa uumuu tasaa inni biraan ammoo seenawwan jalqaban tokko tokkoo itti guutuudhaan kan ittiin hojjetamu ta'uu danda'a.

Waa uumuun tasaa faayidaalee hedduu an qabu yeroo ta'uu waltajjii irratti osoo seeneessaa jirruu akka tasaa yoo dubbiin(yaddin) taatee sanaan wal qabatu nu duraa badeef ykn rakkoon akkasumas taateen tokko yoo uumameef: Fakkeenyaaf: Gahee raawwii nuuf kennameen ala kan ta'ee fi gufannee yoo kufneef, uffatni keenya yoo tarsa'eef, namni nu faanaa hojjennu yoo dhibameef ykn yoo dafee nuu seenuu hafeef fi k.k.f. dandeettii waa uumuu mataa keenyaa fayyadamuun taatee sana seenaa nuuf kennamee waliin wal-qabsiisuun guutuu taasisnee osoo daawwattoonni nurratti hin beekin gaheen raawwii hojjechaa jirru akka itti fufuu taasisuun itti fayyadama.

Gocha 2.8.

1. Barattoota suurawwan miira adda addaa agarsiisan daawwachuun suura daawwatan keessaa tokko filachuun seenaa tokko fakkeessuu ykn uumuun seeneessaa.
2. Seeneessa jalqabamee hin xumuramin hafe tokko xumuraa.
3. Viidiiyoowwan waa uumuun wal-qabatan adda addaa hojjechuun barsiisaa keessanitti agarsiisaa.

Yaada Cuunfaa

Meeshaaleen hojii ogummaa maxxansa moozaayikii waraqaa of-eegannoo guddaa kan barbaadan waan ta'eef adeemsa barannoo gochaalee keessatti of-eegannoo gochuun waan barbaachisuuf waan hojjettan hundaa keessatti qajeelfamota barsiisaan isiiniif kennu hordoofuun barbaachisaadha. Ogummaaleen maxxnsaa haala salphaan hojiiwwan waa uumuu hojjechuuf malleen gargaaraan waan of- keessaa qabaniif karaalee adda addaa fi bal'inaan hojii ogummaa kanaa shaakaluun barbaachisaadha.

Gilgaala Boqonnaa 2

I. Gaafileen Armaan gadii yoo sirrii ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hin taaneef "Soba" jechuun deebisaa.

1. Seenessa maayimii dubbii ykn sagalee qtaan seeneessuun ni danda'ama.
2. Maayimiin Paantoo meeshaalee sagalee adda adda ani fayyadama.
3. Maayimii Paantoo gar-malee guddisuun hojjechuun ni danda'ama.

II. Gaafilee Armaan gaditti dhiyaataniif filannoowwan kennaman keessaa qubee deebii sirrii ta'e qabu filadhaa.

1. Miirawwan adda addaa ibsuuf kan gargaaruu isa kami?
 - A. Seeneessuu
 - B. Vidiiyoo
 - C. Footoo
 - D. Deebiin hin kennamne
2. Ogummaan gar-malee guddisuu fi osoo itti hin dabaln hojjetamu isa kami?
 - A. Waa uumuu tasaa
 - B. Paantoo maayimii
 - C. Maayimii
 - D. Hunduu deebiidha

III. Gaafilee Armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.

1. Ogummaan_____ yaada burqiisisuu fi rakkoo furuuf gargaara.
2. Meeshaalee adda addaa fayyadamuun seeneessuun sagalee malee
hojjetamu_____ jedhama?
3. Seeneessuun sagalee malee irra caalaan namoota_____ bashannansiisuuf oola.

Boqonnaa 3

3 DHAAMSA BARNOOTA AARTII GOCHAA FI AGAREE

Xumura boqonnaa kanaan booda:

- * Gosoota sirbaa fi shubbisa aadaa hawaasa keessatti beekaman ni addeessita.
- * Sirboota, shubbisa aadaa fi tiyaatiraa hawaasa akkeessuu ni dandeessa.
- * Sirbootaa fi shubbisa aadaa beekamoo ta'an addaan baafatta.
- * Tokkummaa fi garaagarummaa ogummaa aartii fi harkaa giddu jiru ni hubata.
- * Hojiiwwan ogummaalee aartii gochaa fi agaree keessatti hirmaachuu fi kunuunsuu ni dandeessa.

Faayidaa bu'aalee hojii ogummaa aartii fi ogummaa harkaa hawaasaa ni beekta

Seensa

Qabiyyeen boqonnaa kanaa mata duree gurguddaa saditti qoodamuun kan dhiyaatan yeroo ta'u kutaan jalqaba gosoota sirbaa fi shubbisa aadaa hawaasaa mata duree jedhu yeroo ta'uu qabiyyee xixxiqaa hedduu of-jalaa qaba. Kutaan lammaffaan ammoo, gosoota ogummaalee aartii mul'atoo holqaa fi diba halluu addaan baasuu kan jedhuu yeroo ta'uu qabiyyeen dhumaa seeneffama aadaa himuu kan jedhuudha.

3.1 Gosoota Sirbaa fi Shubbisa Aadaa Hawaasaa

Xumura qabiyyee kanaan booda:

- * Gosoota sirbaa fi shubbisa aadaa hawaasa keessatti beekamanii ni tarreessita,
- * Gosoota sirbaa fi shubbisa aadaa hawaasa keessatti beekamanii ni ibsita.
- * Sirbootaa, shubbisa aadaa fi tiyaatiraa hawaasawaa akkeessuun ni agarsiista.
- * Sirbootaa fi shubbisa aadaa beekamaa ta'an ni ibsita.

Aadaa keessa muuziqaalee fi shubbisoota aadaa, tokkummaa, amala gaarii, kabaja guyyaa ayyaanaa fi k.k.f. waliin wal-qabatan ni jiru. Sirboonni aadaa kunniin seera, akkaataa sagaleen itti uumamuu, shubbisaafi tapha meeshaalee muuziqaa aadaa mataa mataa isaanii qabu. Akkasumas ergaa barbaachisaa dabarsanis ni qabu. Kana malees meeshaaleen barbaachisan illee gosoota sirbaa fi shubbisaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabu. Kunis naannoo naannoo fi godinaa godinatti garaagarummaa qaba.


3.1.1 Faaruu fi Sirboota Aadaa Qabiyyeewwan Adda Addaa Irratti Dhiyaatan

Faaruuwwanii fi sirboonni aadaa qabiyyeewwan adda addaa irratti kan dhiyaataniidha. Faaruus ta'e sirboonni aadaa qabiyyeewwan kanneen akka misooma, barnoota, dinagdee, jaalala biyyaa, jaalala dhuunfaa, dhibeewwan ykn dhukkubota adda addaa, qulqullina, nageenya, hawaasummaa, siyaasaa fi k.k.f. irratti kan xiyyeeffataniidha. Faaruwwan armaan gaditti dhiyaatanis qabiyyeewwan armaan olii keessaa muraasa isaanii irratti xiyyeeffachuun kan qophaa'aniidha. Akka fakkeenyaatti sirboota yeroo ayyaana waggaa dargaggoonni oromoo Shinooyyee fi Goobee yeroo sirban haalli uffataa fi qabannaa meeshaalee kan armaan gaditti dhiyaate fakkaata.

Sirba Aadaa Oromoo Dargaggoonni Goobeefi Shinooyyee yeroo sirban.



Fakkii: Sirba Aadaa Oromoo Yeroo Sirbamu fi Akkaataa qabannaa meeshaalee



Fakkii: Uffata Aadaa Agarsiisu



Fakkii: Uffata Aadaa fi meeshaalee ittiin hojjetaman ibsu

Gocha 3.1.

Barattoota: Faaruuwwan fi sirboota aadaa qabiyyeewwan adda addaa armaan gadii irratti ragaalee adda addaa walitti qabuun barsiisaa fi hiriyyoota daree keessaniif dhiyyeessaa.

1. Sirba Shinooyyee fi Goobee
2. Sirba Ateetee
3. Sirba Siiqqee
4. Sirba Cidhaa
5. Sirba Hojii
6. Sirba loonii
7. Sirba Guyyaa Ayyaanaa

Faaruu fi Sirboota Aadaa**v Sirba aadaa**

1. **Hiyyaasee/ keessa deebii/**

Hiyyaaseen hiyyoo dhaa,
 Kan foolin shittoodha
 Siyaadee maroo koo

Ceesisa

Ayyaana waggaa hiyyaase

Ayyaantuuti arga „

Hiyyaasee lagaa „

Si yaadee ra kaa „

Hiyyaasee boontuu „

Si yaadee koottu „

Hiyyaasee lulee „

Si yaadeen dhufee „

Ceesisa

Birbirsaa goodaa, hiyyaase
 Gaagura qeentee “
 Bir bir nagootaa. “
 Na dura deemtee “
 Hiyyoo birraa dhaa “
 Siitoon maggala “

Ceesisa

Hiyyaasee boontuuhiyyaase
 Si yaade koottu
 Hiyyaasee lagaa
 Si yaadeera kaa

Ceesisa

Baala geeshee baala laadduu
 Maal dhageessee maaf na yaadduu
 Qanyitii jirbii booffee daalachaa
 Asi hiiqii sirbi korree, bakkee dhaabbattaa (x2)

//==//==//==//==//==

2. Geerarsa Aadaa

Akkamiin horu horii

Bajjii buqqisanmalee

Hojii hojjetan malee

Deega balleessan malee

Beela balleessan malee

Ishoo

Deega koo isa farrisaa

Tur ammaan sifannisa

Muka arbaa daraaretti

Dhala abbaan abaaretti (×2)

Ishoo

Deega koo isa farrisaa

Kan kee maalan calisaa

Tattafachudhaa malee

Obbaafachuudhaan malee (×2)

Ishoo

Deegnii nama salphisaa

Isa guddaa xiqqoo godhee

Sanyii namaa rakkisee

Gadi nama deebisee

Ishoo

Kan kee maal jedhu deegaa

Dhaqee lafatii odeessaa

Qotiyyoo cimdii godheen

Of irraa si balleessa

Diffii irra deema

Faani isaa

Horii qajeela

Yaadi isaa Siifan

tahu hoo.

==//==//==//==//==//==

3. Sirba aadaa Dhiichisaa

Yaa birroolee – birraan bari’ee

Farda binna yaa ijoollee

Ceesisa

As kenni sin gargaara - Yaabirroolee

Hamma nama beekuu „

Qayyaafte waraantuu „

Bakka dhuma ceekuu „

Ceesisa

Kaleessaa galgalaa - Yaabirroolee

Yaa galgaleessituu „

Anuu jira jettee „

Nan jajjabeessituu? „

Ceesisa

Jaartiin raaree buutee - Yaa birroolee

Quncee laaffisuufii „

Gootni dhoowwaa dabree „

Gadhee naasisuufi „

Ceesisa

Kaleessuma roobee - Yaabirroolee

Kaleen galgaltuu dhaa „

Qilleensattan dhaamaa „

Bubbeen jarjartuu dha „

Ceesisa

|||||

Geerarsa Aadaa

Sirbi kun yeroo sirbamu ulee qabatu. Yoo argame gonfoo daabee jaldeessaa mataatti kaawwachuudhaan namicha weeddisu jalaa qabaa dhiichisuu dha. Kanaaf qajeelfama barsiisaan keessaan isinii kennu hordofuun shaakala.

Geerarsa Aadaa

Kuti kutiin hindaanqoo
Lafa garbutti yaatee,
Kuti kutiin garaa koo
Nadaddarbuutti kaate
Na hin daddarbiinyaa garaa
Barri hin darbaa hadaraa /x2/

Ishoo

Harfaasaa qotan malee
Birraa maal aramatu?
Qeerrummaan kuusaan malee
Niitii fuudhan maal nyaatu.
Birraa bubbisee caamee
Kan harree qabutu caalaa.
Harfaasaan gungumee roobee
Kan sangaa qabatucaalaa(2)

Ishoo

Qotanii aramanii
Dha'anii calleessanii
Gootaraatti naqatanii
Maaltu halkaniin deema?
Eenyutu liqaadhaa deema? (x2)

Ishoo

Qotiyyoon randa qonnaan,
Akka calleessuu garbuu,
Qotiyyoon dirree qonnaan,
Akka calleessuu xaafii
Wantin hawwee abbalee
Farda magaala kormaa,

//

Gilgaala 3.1.

I. Gaaffiilee Armaan Gadii Barreeffaman Deebisaa.

(Deebiin isaanii odeeffannoo barbaachiisaa keessatti argamu.)

1. Muuziqaan aadaa haala kamiin walitti qabama?
2. Yeroo muuziqaalee aadaa walitti qaban rakkooleen mudachuu danda'an maalfaadha?
3. Rakkoolee yeroo muuziqaalee aadaa walitti qaban mudachuu danda'an haala kamiin furuun danda'ama?

II. Gaaffiiwwan Armaan Gadii Gochaan Raawwachuun Deebisaa.

1. Sirboota aadaa amala gaarii fi kabajaa guyyaa ayyaanaan wal-qabatan lama taphachuun agarsiisaa.

3.2 Gosoota Ogummaawan Mul'atoo Seenaa Aartii Holqaa fi Diba Halluu Adda Baasuu

Xumura kutaa barannoo kanaan booda:

- * Gosoota ogummaa mul'atoo holqaa fi diba halluu ni ibsita.
- * Tokkummaa fi garaagarummaa ogummaa aartii fi harkaa giddu jiru ni tarreessita.
- * Hojiiwwan ogummaalee aartii gochaa fi agaree keessatti hirmaachuu fi kunuunsuun ni dinqisiifatta.
- * Faayidaan bu'aalee hojii ogummaa aartii fi harkaa hawaasa tokko keessatti beekamanii ni ibsita.

Barnoota ogummaa mul'atoo dameewwaan ogummaa aartii gochaa fi agaree hedduu kan of jalaa qabu yeroo ta'uu, kutaa barannoo kana jalatti gosoota ogummaa mul'atoo holqaa fi diba halluu akkasumas maalummaa gosoota ogummaa mul'atoo holqaa fi barbaachisummaa ykn faayidaa isaanii irratti xiyyeeffachuun dhiyaateera. Dabalataanis seenaa bu'aalee hojii ogummaalee mul'atoo holqaa fi diba halluu akkasumas ogummaalee harkaa ibsuun danda'ameera. Kana malees, iddoo bu'aaleen hojii dameewwan ogummaa mul'atoo fi ogummaa harkaa itti argaman muuziyeemii fi gaaleeriiwwan adda addaa faayidaa maalii akka qaban akka ibsuuf yaalameera.

3.2.1 Seenaa Ogummaa Aartii Holqaa fi Diba Halluu

Hojiiwwan ogummaa biyya keenyaa eenyuun, yoomii fi akkamitti akka hojjetaman kan jedhu naannoo argachuu dandeenya. Hojiiwwan kunniin qaama kutaa hojiiwwan ogummaa aartii gochaa fi agaree addunyaa waan ta'aniif haalli jalqabbii isaanii wal-fakkeenya qaba.

Ragaalee hojiiwwan ogummaa kanaa kan ta'an jalqaba seenaa duraa keessatti hojiiwwan damee hojii ogummaa aartii gochaa fi agaree kana keessatti kan galmeeffaman keessaa Holqaa Malkaa Qunxurree Awaash, Holqa Naannoo Dirree Daawaatti argamu akkasumas Naannoo Sidaamaa bakka Wanagoo Jedhamutti dhaabaa holqaa irratti fakkiwwan hojii diba halluu fakkeeffamanii argaman isaan murasa.

Akkasumas bakka adda addaatti jabana adda addaa keessa ogeessoota fakkii jabana duriin, ogeessoota fakkii beekumsa hojii ogummaa aartii gochaa fi agaree fudhatanii fi ogeessoota hojii ogummaa bobbocaan hojiiwwan hojjetaman Muuziyeemiwwanii fi dhaabbilee amantaa adda addaa keessatti fi mana namoota dhuunfaa Ambaalee adda addaa walitti qabuun beekaman keessatti argamu.



Fakkii: Hojii bobbocaa dhagaa irratti bocame



Fakkii: Mana Holqa Dhagaa



Fakkii: Hojii fakkiiwwan amantaan wal qabatan

Ambaaleen seenaa biyyaa hojii ogummaa fakkiiwwanii, hojii ogummaa harkaa, hojii ogummaa bobbocaa bakkaa fi yeroo adda addaa keessa hojjetamanii naannoo keenyaatti, dhaabbilee amantaa adda addaa keessatti, muuziyeemiwwan keessatti, mana jireenyaa keessatti, waan argamaniif bakka isaan itti argamuu danda'an deemuun daawwachuu fi qo'achuun seenaa fi qaroomina ogummaa naannoo fi biyya keenyaa hubachuuf ni dandeessisa.

Yeroo daawwii dirree meeshaalee adda waraanaa: Eeboo fi gaachana, Albee fi k.k.f. akkasumas uffataan walqabate ammoo kan akka Kaabbaa fi gosoota hodhaa huccuu adda addaan uffanni hodhaman bolaalee fi waaroon akkasumas hojiin meeshaalee suphee, mukaa fi sibiilaa adda addaa maqaa dhahuun ni dandaama.

Hojiiwwan ogummaa hojii diba halluun gogaa fi huccuwwan adda addaa irratti hojjetamanii fi hojiiwwan ogummaa bobbocaa dhagaa muka irraa hojjetamanii naannoo keenyatti argaman adda adda ni argamu. Hojiiwwan ogummaa kanniin yeroo xiyyeeffannoon daawwattan irra caalaa isaanii irratti hojiiwwan ogummaa jechuun wixineewwan, jechoota ykn himoota adda addaa, bobboca fi k.k.f. bifa ilaalchaaf miidhaganii fi bareedaniin hojjetamanii argamu.



Fakkii: Siidaa Dhagaa Xiyyaa



Fakkii: Mana Amantaa Laallibalaa



Fakkii: Holqa Soof-Uumar

3.3 Seeneffama Aadaa Himuu

Xumura barannoo kutaa kanaan booda:

- * Seeneffama seenaa hawaasa keessatti beekaman adda addaa ni ibsita.
- * Hiika seeneffama seenaa ni tarreessita.
- * Asoosama adda addaa qo'achuun qabiyyeef taatoolee isaanii addaan ni baafta.

Seenaan sadarkaa Adunyaatti, Biyyaatti fi Naannootti waan yeroo tokko raawwatame darbee ykn ogeessootni waa uumuun hawaasni tokko beekuu qaba jedhanii hojiiwwan waa uumuu hojjetan tokko ogummaa ittin ibsaniidha.

Kitaabilee adda addaa keessatti hiikaa seenaaf kenname yeroo ilaallu yeroo murtaa'aa tokko keessatti duuraa duuba yeroon qindaa'ee haaloota seeneffamu ykn dhiyaatuudha. Adeemsa walitti fuufaa seenaa kana keessatti seenaan tokko isa tokkorraa gara isa birratti ykn isa itti aanuutti kan darbu yeroo ta'uu wantoota adda addaa raawwachuun kanneen seenaan maqaa dhahu ammoo eenyummaa fi wantootni isaan irra gahaa ture gama gaarii fi badaa ni oddeeffama.

Taateen ykn hojiin waa uumuu kun karaalee adda addaan ni seeneffama. Seenaan karaalee ogummaa adda addaan dhiyyaachuu ykn seeneffamuu danda'a. Isaan kunis: barreeffamaan, muuziqaan, fakkiin, boboocaa fi ogummaa ijaarsa gamoowwanii/arkitekcheeraa fi k.k.f dha. Dameen ogummaa kunniin dameewwan ogummaa mataa mataa isaanii hedduu kan qaban yeroo ta'uu damee barnootaa ogummaa aartii gochaa fi agareef walitti dhiheenya gaarii kan qabuu ogummaa barreeffamaa yeroo ilaalluu dameewwan adda addaa hedduu of-jalaa qaba.

Isaan keessaa:- Walaloo, Asoosama, Seenessuu, Viidiyoo/fiilmii fi k.k.f. ibsuun ni danda'ama. Kanaafuu waan beeknu, argine, dhaggeenye, akkasumas waan uumne tokkoo walaloon, Asoosamaan, Seenessuun ykn Viidiyoon qindeessuun /qopheessuun dhiyyeessuu ni danda'ama. Dabalataanis, bifa seenaa afaaniin (Afoolaan) seenaa ykn taatee tokko qindeessanii dhiyyeessuun ni danda'ama.

Afoola: Aadaa, bar-maatiilee, gochaalee baratamoo, haala jireenyaa hawaasa tokkoo, akkasumas taateewwan uumamaa adda addaa, eenyummaa fi seenaa hawaasa tokkoo dhalootaa gara dhalootaatti dubbiin, seenessuun, faarsuun fi k.k.f. qabeenya ogummaa ittiin dabarsinuudha.

Adeemsa jalqabbii fi xumurrii mataa mataa isaanii akkasumas akkaataa haala bakkaa fi jabana isaanitti foyyaa'aa fi qaroomaa ittiin dhiyaachaa jira. Gochaalee adda addaa kan qaban yeroo ta'uu seenaa beeksiisuuf/barsiisuuf/, haala salphaa fi nama hawwatuun wantoota badaa ta'an hambisaa wantoota gaarii ta'an jajjabeessaa akka hin hirraanfatanne taasisaa karaa salphaan dhalootaa gara dhalootaatti akka darbuu waan taasisuuf gahee olaanaa qaba.

Kanatti aansuun qabiyyeewwan armaan gadiitti dhiyatan irraa ergaa garaagaraa kan dabarsan isin dhiyaataniiru.

Farda Morma Lamaa

Bar tokko mootii hamaa tokkotu ture jedhama. Mootiin kunis dur hin jirree nama gaafata. Akkuma amala isaa guyyaa tokko qotee bulaa hiyyeessa kan maatiin isaa waan nyaatee buluu fi uffate gadi bahu hin qabne tokkoon bor farda morma lamaa hin fiddu yoo ta'eef ni fannifamtaa ittin jedhe. Qonnaan bulaa hiyyeessi kunis argees dhaga'ees waan hin beekneef mootichi du'a qophesseefii gaaffii kana akka dhiheesseef amane. Waa'ee du'a isaa caalaa maatiin isaa beelaan dhumuun kan nama suukkanneessu ta'ee itti mul'ate. Yaada kana osoo buusee baasuu, yaadaan osoo bishaan akaawuu godoo ofitti deebi'ee gale.

Yeroo mana gahu haati manaa isaa irbaata dhiheesiteefii nyaachuu didee ta'ee yaadaan gomma. Haati manaas akka irbaata dhihaateef nyaatu deddeebitee kadhatte. Inni garuu farda yaadaa koree yaadaan badeera. Haati manaa maal akka danqame akka itti himuuf yeroo rakkiftuu "waan fala kennuu hin dandeenye maal goota" jedheen. Isheenis itti fuftee mee nan dhaga'aa jettee rakkifnaan, mootichi farda moorma lamaa yoon geessuu baadhee bor akkan fannifamu na fannisu akeekachisuu isaa ibseef.

Isheenis gamna waan turteef ogummaan itti dubbatte "yaa abbaa manaa koo, Halkan kunis rimaadhaa, waan halkan kun dhalee bulus, waan fardi keenya dhaltee bultu hin beeknuu nyaadhuu" jeeteen. Innis "<jetteeree haadha warraa koo>" jedhee nyaate. Yeroo lafti bari'ee ka'an fardi isaanii ilmoo morma lama qabdu dhaltee bulte. Mootiin hamaan sunis du'ee bulee jedhama.

Seeneffamni armaan olitti dhiyaate kun akka waan ijaan argeetti osoo hin taane akka waan namoota irraa dhaga'eetti kan seeneffameedha.

Yaada Cuunfaa

Itoophiyaan biyyaa aadaafi sabaafi sab-lammiilee hedduu qabduudha. Kanarraa kan ka'ees, aadaa hedduu qabdi. Aadaa kana keessaa tokko gochaalee muuziqaa aadaan wal-qabataniidha. Gochaaleen kunniin ambaalee seenaa biyyaati. Ambaalee kana karaa ittiin dhaloota dhufuuf dabarsan keessaa inni guddaan tokko barnoota muuziqaa waan ta'eef, kutaa barannoo kana keessatti xiyyeeffannoon kennameeraaf. Kutaan barannoo kun irra caalaan kan xiyyeeffate muuziqaaleefi shubbisoota aadaa naannoo isaanitti argaman walitti qabuufi taphachuu irratti yeroo ta'uu, haalli raawwii isaanis tokkoo tokkoon armaan gaditti tarreeffameera.

- Sirbootaa fi shubbisoota aadaa hojii, qonnaa, amala gaarii, tokkummaa, kabajaa guyyaa ayyaanaafi k.k.f. waliin wal-qabatan walitti qabuun qaacceessuufi taphachuu.
- Meeshaalee muuziqaa rukuttaafi sirboota aadaa sasalphaa waliin qindeessuun taphachuu.
- Qabiyyee kana irra caalaan hojiirra oolchuuf ammoo gochaaleen barattoota giddu galeeffataniifi malleen baruufi barsiisuu mijahoo ta'an haammatamaniiru. Kanarraa ka'uunis barattoonni jijjiirama amalaa fiduu qaban ni fidu jedhamee itti amanama.

Gilgaala Boqonnaa3

I. Gaaffilee armaan gadiif seeneffama armaan olitti dhiyaate irratti hundaa’uun deebisi.

1. Seenaa kana irraa maal barattan?
2. Qaamoonni ykn abbaan seena kana eenyuufaadha?
3. Iddoon seenaan kun itti raawwatame eessa?
4. Seenaan kun bifa kamin dhiyaate?

II. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni.

1. Bu’aalee hojii ogummaa mul’atoo fi ogummaa harkaa eessatti argachuun danda’ama?
2. Meeshaalee waraanaa aadaa jabana durii tarreessi.
3. Faayidaan siidaa dhagaa xiyyaa maali?
4. Manni amantaa Laalibalaa eessatti argama?